YUUNIVARSIITII MADDA WALAABUU
KOLLEEJJII NAMOOMAA FI SAAYIINSII HAWAASAA
MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII

# XIINXALA RAAWWII ABAARSAA OROMOO SIIKOO-MANDOO KAN GODINA BAALEE AANAA GOOBBAA

**QRATTUUN: ASKAALAA ABARRAA**

**GORSAAN: IJAARAA BAATUU (PhD)**

**WAXBAJJII, 2020**
**BAALEE, ROOBEE**

**XIINXALA RAAWWII ABAARSAA OROMOO SIIKOO-MANDOO KAN GODINA BAALEE AANAA GOOBBAA**

**ASKAALAA ABARRAA**

**GORSAAN: DR. IJAARAA BAATUU**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSIISUUN GAMISAAN GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII MADDA WALAABUU KOOLLEJJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANII, JOORNAALIIZIMIIFI QUUNNAMTIITTI MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKILOORII**

**WAXABAJJII, 2020**
**BAALEE, ROOBEE**

**Yuunivarsiitii Madda Walaabuu**

**Sagantaa Eeb-booddee**

Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu Barsiisuun, Askaala Abarraatin, Mata duree, "Qaaccessa Adeemsa Raawwii Abaarsaa: Godina Baalee Aanaa Gobbaa irratti kan Xiyyeeffate," jedhuun qophaa'e, sadarkaa Yuunivarsiitiin kaa'ee guutee jira.

**Koree Qormaataa**

| | Maqaa | Mallattoo | Guyyaa |
|---|---|---|---|
| Qoraa Keessaa | ______________________ | __________ | __________ |
| Qoraa Alaa | ______________________ | ___________ | __________ |
| Gorsaa | ______________________ | ____________ | ___________ |
| Itti Gaafatamaa Muummee | ____________ | ___________ | ___________ |

## Unka Mirkaneeffannaa

Ani qorattuun maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta'uu isaafi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaaf hindhiyaanne ta'uu isaa, akkasumas wabiileen qorannoo kanaaf dubbise haala seera qabeessa ta'een fudhee, wabii keessatti kaa'uu koo naan mirkaneessa.

Maqaa_______________________________________

Mallattoo_____________________________________

Guyyaa_______________________________________

# Galata

Hunda dura, hojii koo hundumaa keessatti nagargaaree asiin kan na ga'e Waaqayyo nan galateeffadha! Itti aansuun, hojii qorannoo kootii kana jalqabaa kaasee hamma dhumaatti nuffeefi dadhabe otoo hinjedhiin naa qajeelchuufi sirreessuun kan nafaana turan Dr. Ijaaraa Baatuutiif galanni koo guddaadha.

Qorannoo kootiif madda odeeffannoo ta'uun milkaa'ina qorannichaa keessatti ga'ee olaanaa kan taphatan namoota odeeffannoo kennuu keessatti hirmaatan hunda isaanituu caalchiseen galateeffadha.

Kana cinaattis fiixaan ba'iinsa hojii kootii kana keessatti ga'ee guddaa kan qabu abba warraa kootiif galanni koo guddaadha. Akkasumas, haala gara garaatin adeemsa qorannoo kanaa keessatti kan na gargaaraa turan obboleeyan koo osoo hingalateeffaitin hindarbu.

Walumaa galatti, jalqabaa kaasee hamma dhumaatti deeggarsa ogummaa, meeshaafi maallaqaa kan naataasisan hundaaf galanni koo isaan haa ga'u!

## Jibsoo

| **Jechoota** | **Hiika** |
|---|---|
| Afaan bule | utuu hinnyaatiin, agabuu |
| Ayyaantuu | beekaa |
| Daarii | daangaa, gulantaa |
| Dadhabaa | kan human ofirraa ittiin dhorkuu danda’u hinqabne |
| Dafii | ariifadhuu |
| Gugguufuu | qaxxisuu, utuu inni hinargamiin bira ga’uuf yaaluu |
| Gulantaa | daarii/ dhorka |
| Gumaa | ijaa nama miidhamee deebisuu |
| Ifa baasuu | saaxiluu |
| Maaddii | nyaata bakka tokkotti namoota danuuf qophaa□e |
| Miira | itti dhageettii keessa ofii |
| Qaalii | akka himatamaan dhiyaatuuf maqaa waaqaatiin himachuu |
| Tufuu | dhiisuu, irra darbuu |
| Unkaa | haala dhiyeenyaa |
| Waamata | abaarsa |
| Waatii | jabbii qalacoo |
| Wareega | waa fuula duraatti waaqni namaaf akka raawwatuuf galu |
| Yaaxxina | yaada xiinxalame, yaad-hiddama |

# Axereeraa

*Kaayyoon qorannoo kanaa haala adeemsa raawwii abaarsaa hawaasa Oromoo keessa jiru kan xiinxalu yoo ta'u innis godina Baalee Aanaa Goobbaa irratti kan xiyyeeffateedha.Qorannoon kun haala adeemsa raawwii abaarsaa haala qindoomina qabuun dhaloota itti aanuuf kan dabarsuu fi namoota dhimma kana irratti dabalata qorannoo gaggeessuu barbaadan hundaaf yaada ka'uumsa ta'uun nigargaara. Qorannoon kun mala qorannoo ibsaarratti bu'ureffate kan gaggeefameedha. Kanaafuu, saxaxni qorannichaas mala ibsati. Qorannoo kana keessatti, qorattuun iddattoo miti-carraatti dhimma baatee jirti. Kunis namoonni qorannoo kanaaf akka odeeffannoo akka kennan filataman tooftaalee iddatteessuu adda addaatin kan filataman osoo hintaane dhimma haala raawwii abaarsaa irratti kan beekumsa qabaniifi fedhii isaanitiin kan odeeffannoo kennuu danda'an filatamanii jiru. Haaluma kanaan qorannoo kana bifa saayinsaawaa ta'een hojjechuuf yaadni beektotaa dhimmoota qorattuun qaaccessiteen walqabatan sakatta'amanii jiru. Akkasumas malleen qorannoo jalatti odeeffannoon madda jalaqabaa kan ta'an namoota hawaasa aanichaa keessaa filatamanirraa afgaaffii fi marii garee xiyyeeffataatin argamuun funaanamani jiru. Kunis yeroo af-gaaffitis ta'ee yeroo marii garee xiyyeeffataa namoota aanaa eerame kana keessaa filatamirraa haaluma gaaffiilee qophaa'anitiin odeefannoon irraa funaannamee jira. Namoota aanicha keessaa jiran hundarraa odeeffannoo guurrachuun waan hindanda'amneef mala iddattoo akkayyootiin namoon shan af-gaaffifif akkasumas namoon shan marii garee xiyyeeffataaf hirmaattota ta'anii jiru. Ragaan funaaname jechaan waan ta'eef, jechumaan hiikamee mala qulqulleeffataatiin hiikamee ibsame. Waantonni qaaccessa kanaan adda ba'anis: unkaa abaarsi ittin mullatu, yoomessa abaarsaa, adeemsa abaarsi ittiin geggeeffamu, gullantaa kaawwachuufi dhimmoota abaarsisaniidha. Qorattuun haaluma kaayyoo isheetin bu'aa qorannoo kanaa ta'anii kan mullatan: dhimmoota sababa, aadaafi safuu hawaasaa kanaa faana hindeemneef abaarsaan balaaleffataman, unkaa abaarsi ittiin dhiyaatu walaloofi hololoo ta'ee waanti barreeffamaan qindaa'ee taa'e dhibuu, yeroo abaarsi itti geggeeffamu: ganama ganama afaan buleen, guyyoota torbani keessaa: kibxata, Kamisa, Sanbataafi Dilbata. Akkasumas guyyaa ayyaana filatametti ni adeemsifama. Bakki abaarsaaf adda ba'es bakka akka aadaa hawaasa Oromootti bakka filatame ta'ee innis bakka kadhanaan Waaqaa keessa'uu korma itti qaluudhan itti gaggeeffamuti. Kaayyoon guddaan hawaasni abaarsatti dhimma ba'uf, waaqni dhugaa abbaa qabuuf murtii yakkamaatti kennee dhugaa abbaa qabuuf ifa baasee, qabatamaatti hawaasni argee gocha abaarsisu akka hindalagneef ittiin hubachiisuudha. Kanaafuu, qaamni dhimmi kun ilaallatu hunduu dhuudha kana seeran qindeessun dhalootaf dabrsuun barbaachisaadha. Kana malees, jechoonni raawwii abaarsaa keessatti hawaasni dhimma itti bahuufi waluma galatti haalli adeemsa raawwii abaarsaa bifa qindaa'aa ta'een osoo taa'ee baay'ee gaarii ta'a.*

# BAAFATA

Galata ..... v

Jibsoo ..... vi

Axereeraa ..... vii

BAAFATA ..... viii

BOQONNAA I ..... 1

1. SEENSA ..... 1

1.1. Seenduubee Qorannichaa ..... 1

1.2. Ka’umsa Qorannichaa ..... 4

1.3. Gaaffiilee Bu’uuraa Qorannichaa ..... 6

1.4. Kaayyoo Qorannichaa ..... 6

1.4.1. Kaayyoo Gooroo ..... 6

1.4.2. Kaayyoo Gooree ..... 6

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa ..... 6

1.6. DaangaaQorannichaa ..... 7

BOQONNAA II ..... 8

2. SAKATA’a BARRUU WALFAKKII ..... 8

2.1. Yaadrimee Fookloorii ..... 8

2.2. Faayidaa Fookloorii ..... 9

2.3. Gooroowwan/Gosoota Fookloorii ..... 10

2.3.1. Afoola ..... 10

2.3.2. Duudhaa Hawaasaa (Social Folk Custome) ..... 12

2.3.3. Aadaa Meeshaa (Material Culture) ..... 13

2.3.4. Aartii Duudhaa Hawaasaa (Performing Folk Art) ..... 14

2.4. Maalummaa Afoolaa ..... 14

2.5. Abaarsa ..... 16

2.6. Dhimmoota Abaarsaa Dhuudhaa Hawaasa Keessatti ..... 16

2.6.1. Maalummaafi Yaad-rimee Abaarsaa ..... 16

2.6.2. Abaarsaaf Amala Namaa (Cursing and Human Behavior) ..... 18

2.6.3. Abaarsa Amantii Duudhaa Keessatti ..... 19

2.6.4. Duudhaalee Oromo Abaarsi Keessatti Muldhatu ..... 20

2.6.5. Dhimmoota Hawaasni Abaarsaan Balaaleffatu ........ 22
2.6.6. Miidhaa Abaarsaan Dhufuu Danda’u ........ 22
2.6.7. Tajaajila Abbarsi Hawaasaaf Kennu ........ 22
2.7. Hawaasa Oromoo Keessatti Seenaa Adeemsa Raawwii Abaarsaa ........ 23
BOQONNAA III. MALA QORANNICHAA ........ 26
3.1. Saxaxa Qorannichaa ........ 26
3.2. Iddattoo Qorannichaa ........ 26
3.3. Madda Ragaalee ........ 26
3.4. Mala Iddattoofi Iddateessuu ........ 27
3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaalee ........ 27
3.4. 1. Afgaaffii ........ 28
3.4.2. Marii Garee Xiyyeeffannoo ........ 28
3.4.3. Sakatta’a Dookumantii ........ 29
3.5. Mala Xiinxala Ragaalee ........ 29
BOQONNAA IV: RAGAALEE DHIYEESUUFI QAACCESSUU ........ 30
4.1. Haala Dhiyeessa Abaarsaa Aadaa Oromoo Keessatti ........ 30
4.2. Yoomessa Abaarsaa Oromoo Bakka Qorannoo ........ 31
4.2.1. Yeroo Raawwii Abaarsaa ........ 32
4.2.2. Iddoo Abaarsaa ........ 32
4.3. Eegganoowwan Adeemsa Raawwii Keessatti ........ 33
4.4. Adeemsa Raawwii Abaarsaa ........ 33
4.5. Gochoota Aadaa Keessatti Abaaraman ........ 38
4.5.1. Waliigaltee Diiguu ........ 38
4.5.2. Nama Ganuu Keessatti ........ 39
4.5.3. Waadaa Diiguu Keessatti ........ 40
4.5.4. Hanna ........ 41
4.5.5. Qabeenya Balleessuu/ Barbadeessuu ........ 42
4.5.6. Haqa Balleessuu yookin Jallisuu ........ 43
4.5.7. Dhoksaadhan Nama Sodaachisuu yookin Reebuu ........ 44
BOQONA V: CUUNFAA, ARGANNOO, YABOOFI GUDUNFAA ........ 49
5.1. Cuunfaa ........ 49
5.2. Argannoo ........ 50

5.3. Yaboo ..... 51
5.4. Gudunfaa ..... 51
WABIILEE ..... 53
DABALEEWWAN ..... 55
Dabalee A: GAAFFILEE AF-GAAFFII ..... 55
DABALEE B: GAAFFII MARII GAREE ..... 56
DABALEE C: OD-HIMTOOTA ..... 57

# BOQONNAA I

# 1. SEENSA

## 1.1. Seenduubee Qorannichaa

Fookilooriin waan hawaasni dalagu amanufi yaaduuf bu'uura ta'ee kan argamuudha. Kanaaf duudhaa, amantaa, safuu hawaasa tokkoo dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha kana ilaalchisee akka Oring (1999) ibsitutti fookilooriin duudhaa yeroo dheeraa ambaawwan beektotaa jiran irratti xiyyeeffachuun wantoota durii (anything old) ijaarsa durii, ragaaawwan seeraa durii, aartii durii, durdurii, sirba durii, barsiifata durii dabala jechuun ibsa. Kanaaf fookilooriin bu'uura duudhaafi seenaa hawaasa fookilorichaa ibsa. Kun ammooo, adeemsa jiruufi jireenyaa keessa kan argamuudha. Kana jechuun, dhuftee miiraa aadaa, amantii fi barsiifata saba tokkoo baatee kan socho'uudha. Kanumatti dabaluun Oring (1999) yooibsitu "… *folklore as oral tradition and belief handed down from generation to generation without the use of writing*" jetti.

Egaa yaada hayyoota kan armaan olii kanaraa hubachuun kan danda'amu fooklooriin akkuma waliigalaati haala jiruufi jireenya hawaasa fookloorichaatiin kan walqabatu yoo ta'u isa kana immoo hawaasni tokkoo maalif akka itti fayyadamu hayyoonni ni ibsu. Fakkeenyaaf, akka Alaimaayyoofi Kaawwon (1998:38) ibsanitti "uummanni kuush guddina qarooma aadaa keessatti ija mukaafi sanyii funaanurraa qonna yogguu eegale, adeemsa jiraachuurraa horii horsiisuu yogguu jalqabetti, kan roobee biqilchuufi guiddisu bokkaafi aduun lamaanuu waaqarraa akka dhufe qalbeeffate". Kanarraa amantiifi falaasamni isaa akkasumas, warrari amantii gaggeessan uumaman. Kanumaan dhagaa muudaa (amantii waaqaa) dhaabuun kun galma amantii abbaa muudaa Oromoo fuulduraafi akkasumas, sidaamaa, walaayittaafi kkf hunda keessatti bal'inaan akka argamu ibsu.

Hawaasa tokkoo keessatti dhimmi fookloorii yoo ibsamu aadaa, amantii, seena fi haala jiruufi jireenya hawaasichaatin kan addaan bahuu miti. Kanumarraa ka'uudhaan hayyoonni gara garaa dhimma fookloorii yoo ibsan dhimmootuma hawaasan wal qabatan kanaan walqabsiisun ibsu. Akka Sims fi Stephens (2005) jedhanitti fooklooriin wantoota mul'atan kan namoonni hojjichuu danda'an (hojii harkaa, bocaa, kkf) fi wantoota yaada sammuu namootatiin wal qabatan kan akka ogbarruu fi seenatiin kan wal qabatuudha. Kabna malees, Oring (1986) "Fooklooriin akka

waliigalaatti haala walitti dhufeenya namoota hawaasa tokkoo keessaa jiranii kan ibsu yoo ta'u kana keessatis wantoota namoonni kuniin gochaan yookin afaanin walirraa fudhatan ilaallata" jedhu. Yaaduma kanaan wal fakkaatun Dundes (2007) "Fooklooriin haala waliin jireenya namootaa keessatti gahee olaan kan qabuu fi kan uummamu fi yeroodha gara yerooti jijjiiramu danda'uudha" jechuun ibsu.

Yaada kanarraa wanti hubachuun danda'amu beektonni gara garaa fookloorii hala adda addaati kan ibsan ta'uu isaati. Kuni immoo fooklooriin kana jechuudhan hiikkaa tokkoo qofaan ibsuun rakkisaa ta'uu agarsiisa. Waan kana ta'eef, akkuma Goldstein (1964) jedhan maalumma fookloorii ibsuudhaaf akkaakuuwwan fookloorii addaan baasanii ibsuun barbaachisaadha. Isaani keessaa inni tokkoo afoola yoo ta'u kunis dhimmoota hawaasa tokkoo keessatti namarraa gara namaatti afaanin (jechaan) darban kan of keessatti qabatu akka ta'e hayyuun kun ni ibsu.

Uummanni Oromoo akkuma Uummata kaanii aadaa, seenaafi duudhaa eenyummaasaa ibsu kan walirraa adda hinbaane qaba. Uummata kana biratti aadaa, amantii, siyaasa, diinagdeefi jireenya hawaasummaa sabichaa walirraa adda hinba'u, waliin deema waldeggeree jiraata.(Dirribii, 2012). Waantonni kunniin waliin malee adda ba'anii hindeemne kun ammoo afoolaan jiruufi jireenya uummatichaa ibsu.

Oromoon afoolatti fayyadamuudhaan seenaa dabarse, hawwii garaa qabu, quuqqaa keessoo isaafi waan kana fakkaatan ibsata. Afoolli hubannaa hawaasa tokkoofi ergaa isaan dabarsuu barbaadan otoo hindhoksiin ifatti kan mullisuufi daawwitii hawaasni tokko ittiin ilaalamudha (Geogesfi Jones, 1995).

Sabni kun safuu kabajuufis ta'e, cubbuu lagachuuf afoola lakkaa'ameefi himamee hindhumne qabutti fayyadamuun gogeessa gadaa hunda keessatti walgorfachaafi waladabachaa kan tureefi yeroo ammaa kanattis itti fufee kan jirudha. Ayyaanoonni Uummata Oromoon kabajaman hundi kan nama tolaniifi saboota biroo ilaalcha gaarii qabaniin afoolaan miidhaganii ayyaaneffatamu, sirnoota uummatichaan kabajamaniifi ayyaaneffataman kanneen keessaa tokko sirna waaqeffannaati. Sirni kuniifi kanneen sirnichaan walqabatan afoola uummatichaan deggeramanii dhalootaa dhalootatti kan darbaa dhufanidha. Dhimmoota akanaa kan afoola hawaasa kanaatin wal qabatan keessaa inni tokkoo haala adeemsa raawwii abaarsaati.

Wa'een abaarsaa yoo ka'u, hawaasa Oromoo keessatti abaarsi haala adda addaatin kan hubatamuufi yeroo baay'ee dhimmoota gaarii hin taane kan ittiin balaaleeffataniidha. Haawaasa Oromootifis ta'ee hawaasa gara garaa keessatti abaarsii adeemsa waaqa kadhachuu keessaa isa tokkoo ta'uun beekamaadha. Garuu hawaasa Oromoo keessatti abaarsi namni tokkoo yookin garee namoota tokkoo yoo hawaasicha keessatti waan hin barbaachifne raawwate ittiin balaaleffachuufi qaama waan hin barbaachifne raawwate sana rakkoon akka qunnamu waaqa itti kadhachuudha (Mokonnon, 2008). Kanaafuu, yaada kanarraa hubachuun akka danda'amutti abaarsii hawaasa Oromoo keessatti wanti hintaane tokkoo yoo raawwatame nama yookin namoota kana raawwatan ittiin balaaleeffachhuuf ittiin gargaaramuudha.

Haaluma hawaasa abaarsii keessatti raawatamuun, abaarsii haala garagaraatin raawwatamu danda'a.kanuma yoo ibsan hayyoonni SiMs fi Stephens (2005) "C*urses are usually expressed in words. These words can be transmitted through spoken language or written language .In both cases these words used in curses have the power to be addressed by super natural power" jedhu.*

Hawaasa Oromoo keessatti abaarsi namoota kana raawatanii fi bakka itti raawwatamu qaba.Yaada kana Warqineh Qalbeessaa (2005) yoo ibsu akkana jedha.

> *Namoonni yoo wanti miidha isaanirratti fidu danda'u namoota birootin raawwatamu bakka jiranitti ofiisaaniti abaarun balaleeffatu.Kuni akkuma jirutti ta'ee, hawaasa Oromoo haalli ittiin raawwatamu seera mataa ofiiti qaba.Yeroo baay'ee namoonni rakkoo isaanirra gaheef yoo abaaruu barbaadan namoota waan kana raawwachuu danda'an yookin bakka haala gara garaatin uummanni itti walgahee bira dhaquun waan isaanirratti raawwatame himatanii qaamni kana raawwaate sun akka abaaramuuf godhu.*

Yaada kanarraa hubachuun kan danda'amu hawaasa Oromoo biratti abaarsi yoo raawwatamu bakka itti raawwatamuufi namoonni raawwatan jiraachuu isaati. Kanumaan walqabatee haalli raawwii abaarsaa hawaasa kana keessa jiru kun qorattuun qorannoo kana akka gaggeesitu ka'uumsa itti uumee jira.

Haaluma kanaan qorattuun mataduree, "Xiinxala haala raawwii Abaarsaa: Godina Baalee Aanaa Gobbaa irratti kan xiyyeeffate," jedhurratti qorannoo gaggeesiteera. Gabaasni qorannoo kanaas: seensa, sakatta'a barruu, mala qorannoo, qaaccessa odeeffannoofi boqonnaa dhumaa jalatti argannoofi yaboo duraaduubaan ifa taasisee ulaagaa qorannoo guutee kandhiyaateedha.

## 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Fooklooriin hawaasa tokkoo keessatti haala jiruufi jireenya namoota hawaasicha keessaa jiranii haala gara garaatin kan ibsu ta'uun beekkamaada. Dhimmoota fooklooríi hawaasa tokkootin ibsaman keessaa muraasni namoonni miseensota hawaasa sanaa ta'an eenyummaa, beekumsa, amantaa fi akkuma waliigalaatti dhuudha isaanii kan ittiin ibsataniidha. Isaan kunis namoonni baruumsa maneen barnoota keessatti baratanirraa yookin wantoota gara garaa dubbisuun kan argaman osoo hin taane namoota birootirraa wa'ee ofiitis ta'ee wa'ee addunyaa keessa jiranii haala alkallatti ta'een kan argataniidha (Sims and Stephens, 2005). Haalli itti fayyadama fookloorii hawaasa Oromoo keessaa jirullee dhugaa kanaan addaa miti.

Hawaasni Oromoo fookloorii seenaafi aadaa miidhagaa isaa ittiin ibsatu niqaba. Kunis aadaa duudhaa darbaa dabarsaan, labatarraa labatatti daddarbaa dhufe, kan ittiin walbulchaa turan, waliin jiraachuu keessattis ta'u, namuusa, safuufi safeeffii waliif qabuufi waaqa ittiin sodaatee bulu niqaba. Waliin jiraachuu keessatti tokkichummaan hawaasaa eegamee, nagaafi hamilee guutuun jiraataa ture. Achumaa as dhufa sabni Oromoo seera ganamaa ittiin buluufi walbulchaa ture qaba.Seerota (aadaalee) kanas afoolatti fayyadameetu dhalootaaf dabarsa (Lammaa, 2001).

Afoolli afaaniin dhalootaa dhalootatti kan daddarbu ta'ee, aadaa hawaasaa, duudhaa hawaasaa, falaasama hawaasaafi kkf dhaloota haaraaf kan ittiin darbudha. Asirraa waanti jechuu dandeenyu waanti callisee hawaasni kalaqu akka hinjirreefi hundisanii ga'ee akka qabanidha. Fakkeenyaaf, faayidaa afoolaa akkuma waliigalaatti yoo keenyu: barsiisuu, bashannansiisuu, ibsuu, cimsuufi walumaagalatti miirri hawaasaafi ogummaansaa kan ittiin ifudha (Goldstein, 1964). Afoolli aadaa fi dhuudhaa hawaasa afaanin dhaloota dhalootati kan darbu ta'ee oduu durii, faaruwwan, walaloowwan afaanii, eebba, abaarsaa, kkf kan ofkeessatti qabatuudha (Hurreiz, 2006).

Kanaafuu, gara xiyyeeffannaa qorannoo kanaa dhufuun dura dhimmoota hawaasa keessatti afoola fayyadamuun dhaloota dhalootati afaanin darban keessaa yaad-rimee eebbafi abaarsaa ilaalun barbaachisaadha. Eebbifi abaarsi dameewwan afoola umrii dheera qaban keessaa isaan muraasa. Isaani lamaanuu yeroo dheeraadhaaf dhuudhaa amantii waaqeffannaa hawaasa adda addaa keessatti namoonni haala adda addaatin kan dhimma itti bahaa turan ta'uu beektoonni ni ibsu.

Akka Bloomer, Tzadok fi Bar (2000) jedhanitti eebbii mallattoo hawwii badhaadhinaa yoo ta'u abaarsi mallattoo hawwii kufaatii yookin waan badaa ta'eeti. Eebba keessatti wanti gaariin

abaarsa keessatti immoo wanti badaan akka nama eebbifamu yookin abaaramu san qunnamu barbaadama. Isaan lamaan keessattuu wanti hawwame (jedhame) sun akka raawwatamu Rabbiti yookin Waaqatti himatama. Kanaafuu, eebba keessatis ta'ee abaarsa keessatti wantoonni jedhaman kan namarratti dhiibbaa geessisuu danda'aniifi haala jireenya nama tokkoo murteessuu akka danda'an Derek (1994) ni ibsu. Keesa'uu, akka yaada Asteley (1967)ti, wantoonni (jechoonni) abaarsa keessatti jedhaman nama (qaama) abaaramerraa gara dhaloota itti aanuutti darbuu kan danda'aniifi namni tokkoo dhuudhaa hawaasatiin waan faallaa ta'e yoo raawwate kan dhimma itti bahamaniidha.

Yaaduma kanaan wal qabsiisun Baye (1998) "Haala qabatama afoola hawaasa tokkoo keessatti eebbifi abaarsi wantoota yeroo hunda walcinaa deemani. Eebbi hawaasa keessatti fudhatama argachuu yoo ta'u abaarsi garuu namni (qaamni) tokkoo hawaasa keessa jiraatu keessaatti waan fudhatama hin qabne yookin waan faallaa aadaafi dhuudhaa hawaasichaa ta'e kan raawwate yoo ta'e mallattoo hawwii badaa yookin ofirraa faggeessuti" jedhu.

Akka waliigalaati, yaadoota armaan olii kaniinirraa wanti hubachuun danda'amu abaarsi (abaareen) dameewwan afoola keessaa isa tokkoo yoo ta'u haalli adeemsa raawwii isaa dhaloota gara dhalootati afaani kan darbuudha.

Hawaasa Oromoo biratti abaarsis afoola hawaasichi dhimma itti ba'aa tureefi itti jiru keessaa tokko ta'ee haalota qabatamaa hintaaneen akka dhaloonni haaraan hubatuuf waanti barreeffamaan olkaa'amee jiru ballinaan hinmullatu.Gara biraatin immoo qorannoowwan mata duree kanarratti hojjetaman baay'inaan hin jiran. Garuu, Silasii Biraanuu (1978) "Haala Raawwii Eebba fi Abaarsaa Hawaasa Gidina Wallaggaa Naqamtee keessatti argamuu" kan jedhurratti digirii jalqabaa guuttachuuf hojjeteera. Walfakkeenyi qorannoon kootiifi kanaa qorannoo kana keessatti dhimmoota abaarsisan kaa'uusaa, akkasumas abaarsawwan sana faana fakkeenyaan kaa'uusaati. Adda addummaan jiru ammoo xiyyeeffannoon qorannoo kanaa haala raawwii eebbafi abaarsaa wal faana kan kaase yoo ta'u qorannoo ammaa kana keessatti garuu qorattuun haala adeemsa raawwii abaarsaa qofarratti kan xiyyeeffateedha.

Kanaafuu, ka'umsi qorannoo kanaa haaluma matadurichaan "Xiinxala Raawwii Abaarsaa Oromoo Siikoo-Mandoo kan Godina Baalee Aanaa Goobbaa" irratti kan xiyyeefateedha.

## 1.3. Gaaffiilee Bu'uuraa Qorannichaa

- Unkaaleem abarsaa dhuudhaa Oromoo keessatti mul'atu maal maal fai?
- Oromoo naannoo qorannichaa abaarsa sababoota maaliitiif itti gargaarama?
- Yoomessi abaarsaa duufhaalee Oromoo keessatti mul'atan maal fakkaatu?
- Fayidaaleefi miidhaaleen abaarsi  hawaasa Oromoo biratti qabu maal maal fa'i?

## 1.4. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo lama qaba. Isaanis: kaayyoo gooroofi kaayyoo gooreedha.

### 1.4.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo ijoon qorannoo kanaa haala raawwii abaarsaa Oromoo Siikoo-Mandoo kan Godina Baalee Aanaa Goobbaa xiinxaluudha.

### 1.4.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooreen qorannoo kanaa:

- Unkaaleem abarsaa dhuudhaa Oromoo keessatti mul'atan maal maal akka ta'an ibsu.
- Oromoo naannoo qorannichaa abaarsa sababoota maaliitiif akka itti gargaaramu addaan baasuu.
- Yoomessi abaarsaa duudhaalee Oromoo keessatti mul'atan maal akka fakkaatan addaan baafachuu.
- Fayidaaleefi miidhaaleen abaarsi  hawaasa Oromoo biratti qabu maal maal akka ta'an addaan baasuun ibsuu.

## 1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun faayidaalee hedduu ni qaba jedhameeti amanama. Isaan keessaa ijoo kan ta'an qaama fookloorii kan ta'e haala raawwii abaarsaa irratti dhaloota dhufuu nihubachiisa. Qaamoleen wa'ee raawwii abaarsaa irratti hojjetan hundaaf maal irratti xiyyeeffannoo akka godhan gargaaruu danda'a. akkasumas, maalummaa, faayidaa fi haala raawwii abaarsaa namoota baruu yookin beekuu barbaadaniif ni ibsa; qaamoleen dhimma kanarratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif odeeffannoo dabalata ta'u kennuu danda'a.

## 1.6. DaangaaQorannichaa

Dhimmoonni aadaa uummata Oromootiin ballaa ta'uun beekkamaadha. Haata'u malee xiyyeeffannaan qorannoo kanaa "Xiinxala Raawwii Abaarsaa Hawaasa Oromoo: Goddina Baalee Aanaa Gobbaa irratti kan Xiyyeeffate," kan jedhu ta'a. Hawaasni Oromoo aanaa Gobbaa keessatti argaman duudhaafi aadaa garagaraa kan ballaa haa qabaatu malee qorannoon kun garuu xiinxala haala raawwii sirna abaarsaa hawaasa Oromoo aanaa jedhamee kan qofarratti kan xiyyeeffatu ta'a. kunis kan ta'eef haala hanqina yeroo, qabeenya fi human namaa jiruun dhuudhaafi aadaa haawasa Oromoo bakka qorannoo irrattii qorannoo gaggeessun waan hin danda'mneefi.

# BOQONNAA II

# 2. SAKATA’a BARRUU WALFAKKII

## 2.1. Yaadrimee Fookloorii

Hiika fookloorii ilaalchisee, hiikni hayyoota dirree qorannoo fookloorii hunda amansiisuufi tokko taasisu hin argamne. Kanarraan kan ka’e qorattoonni dirree qorannoo fookloorii hiika fookloorii kennuu caalaa wantota fooklooriin of keessatti hammatu tarreessurratti xiyyeeffatu (Dundes, 1965; Dorson 1972). Haata’u malee, Dameen qorannoo kun maqaa, “fookloorii” jedhu kana osoo hin argatiin, maqaa biraatiin beekamaa tureera. Kana ilaalchisuun, Dorson (1972) yoo ibsu,

> *Folklore emerged as a new field of learning in the nineteenth century when antiquaries in England and philologists in Germany began to look closely at the ways of lower classes….The word ‘folklore’ phrase theneeforth adopted in place of cumbersome phrase popular antiquities*,” jedha.

Akka yaada kanaatti, beekumsa hawaasaa akka damee barnoota tokkootti qorachuun kan jalqabame Jaarraa 19ffaa keessaa biyyoota Ingilizii keessatti namoota hambaa meeshaalee durii qorataniifi Jarman keessatti ammoo qorannoo guddina afaanii warra gaggeessaniinidha. Akkasumas, beekumsi kun mooggaasa fookloorii jedhu osoo hin argatiin dura hambaawwaan aadaa dinqisiifamoo ta’aniin ykn ijaarsota bebbeekamoo durii jedhamuun akka beekamantu hubatama. Kun ammoo, dirreen qorannoo kun maqaa kana kan argate yeroo dhiyoo keessa ta’uusaa agarsiisa. Maqaa kana kalaquun namni si’a jalqabaaf itti fayyadame waggoota 165 fuuldura, bara (1846) nama biyya Ingilizii kan ta’e William John Toms nama jedhamu ture (Dorson, 1972; Misgaanuu, 2011). Innis jechoota lama ‘*folk*’ kan jedhuufi ‘*lore*’ kan jedhu walitti suphuun Afaan Ingiliziin ‘*foklore*’ jedhee moggaase.

Kana ilaalchisuun, Dundes (1965) yoo ibsu, “*Folk can refers to any groups of people that so ever who share atleast one common factors,*” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, jechi “*folk*‟ jedhu garee namootaa yoo xiqqaate dhimma tokkorratti wanta waliin qooddatan kan qabaniidha. Wanti waliin qoddatan kunis, kanneen akka: sirnaa, safuu, aadaa, barsiifata, aadaa, duudhaa, hojii, umurii, saalaafi Kkf fa’a. Jecha, “*lore*‟ jechuun ammoo, beekumsaafi muuxannoo namoonni jiruufi jireenya isaanii keessatti waliif qoodanidha.Akkasumas, fooklooriin beekumsa hawaasaa

ta’uusaa, Dorson (1972) yoo ibsu, “*Folklore has an echo of the past, but at the same time it is also the various voice of the present. Foklore has been, and continues to be, a reflection and weapon of the class conflict,*” jechuun ibsa. Akka yaada hayyuu kanaatti, fooklooriin mul’istuu wanta darbeeti. Kanaafuu, fooklooriin dhalootarraa dhalootatti darbaa kan tureefi ammas darbaa kan jiru; fuuldurattis kan lufinsa isaa itti fufuufi akka meeshaa lolaafi daawwiitii uummmataatti hawaasa tajaajiludha.

Karaa biraatiin, Fekade (1991), fooklooriin qabiyyeewwan garaa garaa kanneen akka: raagoo, afseenaa, durdurii, taphootaa, dubbiiwwan, fakkeenyan dubbataman, eebbawwan, abaarsa, arrabsoo, nagaa walgaafachuu, huccuu aadaa, ragada, beekumsa, amantii, riqicha aadaa, muuziqaa, meeshaalee aadaa, sirbaa, maqaawwaan barreeffamoota awwaalarratti barreeffamanii, tapha saddeeqaa, kadhannaawwan, haasa’aa sochiirratti hunda’e, sanyii lakkaa’uu, gosoota nyaataa, ayyaanota waggaa kanneen akka: Qillee, Arafaa, Cuuphaa, Sooma Hiikkaa, Dhaloota Goftaa Iyyeesuus, Dhaloota Nabiyyuu Mohammad, Cidhawwan, Guyyaa Boqonnaa, Guyyaa Injifannoo kanneen jedhamaniifi Kkf of keessaatti akka qabutu ibseera.

Walumaagalatti, yaadrimee fookloorii jedhurratti yaadni beektonni kunneen kaa’an yoo ilaallu, hayyoonni yaadrimee fookloorii kana ija garaa garaan ilaanii hiika garaagaraa akka itti kennaniif sababa kan ta’e, dirreen qorannoo kun yaadrimee bal’aa of keessaa qabaachuusaati. Sababa kanaaf, akkaataa ilaalchaafi hubannoo isaaniitiin yaadrimee tokko bifa adda addaatiin ibsaniiru. Kanaafuu, jechi “*fookloorii*‟ jedhamu kun akka beektonni hedduun ibsanitti, jiruufi jireenya hawaasaa keessatti waan, aadaa, safuu, falaasama, duudhaa, amantaa, barsiifata, afseenaa, raagoo, durdurii, taphootaa, dubbiiwwaan adda addaafi wkf of keessatti nihammata.

## 2.2. Faayidaa Fookloorii

Karaabiraatiin, miidhaginni fookloorii keessa jiru akka riqichaatti hawaasa walitti fiduuf nigargaara.Kana ilalchisuuun, Brunvand (1979) yoo ibsu, “*Folklore is a sphere of interaction, needs and desires, and artistic expression with its own structures and aesthetics*,” jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti, fooklooriin barbaachaafi fedhii guddaa hawaasni qabu; akkasumas, ogummaa artii hawaasaafi caasaa artii hawaasaa, miidhagina isaa waliin akka geengootti kan walquunnamsiisu ta’uu isaa hubanna. Karaa biraatiin, fooklooriin madda ragaati.Kanaafuu, qorannoon seenaa, aadaa, duudhaafi haala uummata tokkoo keessatti bifa madda ragaatiin waan

dhihaatuuf uummata madda ragaa barreeffamaa hinqabneef madda qorannoo seenaa, aadaa, duudhaafi amantaa ta'uun nitajaajila.Kana malees, uummata madda seenaa qabu biratti akka meeshaa sirna siyaasaa, artii, barnootaa, dinagdeefi hawaasummaatti nitajaajila.Gita qabsoo keessattis, gahee olaanaa qaba (Dorson, 1972, Misgaanuu, 2011).

Akkasumas, Bascom (1965) faayidaa fooklooriin hawaasa tokkoof qabu kanneen akka: barsiisuuf, cimsuuf ykn eenyummaa agarsiisuuf, to'achuuf ykn ittisuufi miliquuf hawaasa dhimma itti bahu tokko nigargaara jechuun faayidaa fookloorii iddoo gurguddaa afuritti qoodee kaa'eera. Kana malees, fooklooriin dhalootа darbeefi kan ammaa richaa ta'uun walquunnamsiisa. Kanis, hambaalee bara durii turaniifi amma jiran, walitti fiduun dhalaata ammaaf nidhiyeessa; kan boriif ammoo ol kaa'a (Misgaanuu, 2011).

Kanaafuu,fooklooriin hawaasni tokko eenyummaa isaanii akka ijaarrataniifi ibsatan gochuun miseensonni hawaasichaa hidhanni isaan walii walii isaanii duukaa qaban ijaarsa guutuu ta'een akka bu'uureffamu gochuu keessatti gahee olaanaa qaba.

## 2.3. Gooroowwan/Gosoota Fookloorii

Karaa biraatiin, hayyoonni adda addaa fookloorii goorowwaan adda addaatti qooduun kaa'aniiru, Hayyoota kanneen keessaa, Dorson (1972) gooroowwaan fookloorii bakka gurguddaa afuritti qooduun kaa'eera.Goroowwan kunneenis, afoola, meeshaalee aadaa, duudhaa hawaasaafi artii hawaasaati.Gorowwaan kanneen keessa xiyyeeffannoon qorannoo kanaa afoolaan waan walqabatuuf, waa'ee afoolaa akka armaan gadiitti haailaallu.

### 2.3.1. Afoola

Afoolli gooroowwan fookloorii keessaa tokko ta'ee, waan gareen hawaasaa tokko waliin qooddatan kanneen akka: aadaa, amantaa, siyaasa, dinagdee, guddina, qaroomina afaanii, safuu, duudhaafi Kkf of keessatti hammaata. Yaada kanaan walqabsiisee, Berhanu (2009) yoo ibsu, "*As its name suggests the term oral literature refers to verbal art or traditional cultures usually composed oral and tranismited from generation to generation by word of mouth*," jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti, afoolli aadaafi duudhaa hawaasaa kan of keessatti hammatu ta'ee, himiinsa

afaaniin dhaloota gara dhalootaatti kan darbu akka ta'e nuhubachiisa.Akkasumas, Fedhasaan (2013) maalummaa afoolaa ilaalchisee akka armaan gadiitti ibsa:

> *Afoolli kalaqa sammuu keessatti qophaa'uunafaaniin hima-muudha.Kana keessatti haalli lufinsasaas himinsa afaaniin malee, barreeffamaan miti. Wanti afaaniin lufaa dhufe kun baattuu seenaa eenyummaa, falaasama, ilaalcha, duudhaa, safuu, diinagdee, amantii, siyaasaa, beekumsaafi muuxannoo dhala namaa baatanii asga'an*.

Yaada kanarraas wanti hubatamu afoolli afaaniin dhalootarra dhaloota kan darbu ta'ee dhimmoota garaa garaa of keessatti hammachuusaati. Haaluma kana fakkaatuun, Addunyaan (2014) wa'ee afoola yoo ibsu "Afoolli ogummaa labata tokkoo kan biraatti afaaniin darbudha. Fayyadama afaanii kan ilmi namaa uumaa, uumama beekumsa natoofi baranee ittiin hubatu jechuunis nidanda'ama. Kana malees, sochii miiraafi sammuu isaa keessatti lubbuu godhate miidhagina uffachiisee bifa qindaa'ina qabuun kan dhiyeessu, sammuu kan dammaqsu, miira kakaasee kan sissi'eessu, hojii uumee ta'uun isaas ifa. Kanaafuu, aadaa, seenaa sadarkaa guddinni hawaasichaa irra jiruufi irra ture mul'isuuf, jechootaafi ibsitoota dhaga'uufi dubbachuuf tolaniin kununsee dhiyeessa" jedha.

Akkasumas, afoolli abbummaan osoo hinta'iin uummatummaan beekama.Namni mirga abbummaa falmatu hinjiru. Kanaafuu, afoolli muuxannoo jiruufi jireenya dhala namaa keessaa kan burqe waan ta'eef, ragaa qabatamaa uummata tokkooti (Nagarii, 1993). Haata'u malee, jechi *afoola* jedhu kun bara dheeraaf maqaa ykn moggaasa garaa garaan waamamaa tureera (Asafaa, 2009). Keessumattuu moggaasa afoolaan walqabsiisnee, gara Afaan Oromootti deebinee yoo ilaalle, jechoota garaa garaa kan akka: ogafaan, hima afaan, afoola, himamsaafi kkf fa'aa niargamu. Kun ammoo, waltina afaaniifis ta'e, yaadrimee bakka bu'e sana guutummaa guututti agarsiisuu dhabuu nidanda'a. Kana qofa osoo hintaane, qorattoonni tokko tokko jecha *afoola* jedhuun yaadrimee *fookloorii* jedhu yoo bakka buusan, gariin isaanii ammoo, jecha *afoola* jedhuuf yaadrimee isaa afaan ingiliziin, "*Oral literature*" jedhu bakka buusuun itti gargaaramaniiru. Yaadrimee *afoola* jedhuuf isa Afaan Ingiliziin *folklore* jedhu kan bakka buusan keessaa, (Asafaa, 2009; Misgaanuu, 2011) argachuu nidandeenya.

Akka beektonni kuniin jedhanitti jechi Afaan Oromoo keessatti *afoola* jedhamuun dhimma itti bahamu yaadrimeen isaa Afaan Ingiliziin *folklore* jedhu waliin waan walgituuf qorannoo Afaan

Oromoo keessatti jechi kun bakkasaa bu'ee nutajaajiluu nidanda'a ilaalcha jedhu qabu. Kanaafuu, yaadrimee Afaan Ingiliziin *folklore* jedhuuf Afaan Oromoo keessatti *afoola* yoo bakka buusan, isa Afaan Ingiliziin *Oral literature* jedhuuf ammoo, *ogafaan* jecha jedhu bakka buusuun itti gargaaramaniiru.

Haata'u malee, Fedhasaan (2013) yaada kana mormuudhaan, *afoolli* yaadrimee *fookloorii* jedhuun walgituu akka hindandeenye ibseera. Sababni inni dhiyeesses, afoolli qaama fookloorii keessa tokko ta'uun kanneen afaaniin dhaloota dhalootatti lufu yoo ta'u; fooklooriin garuu, kanaan olitti: duudhaa hawaasaa, artii hawaasaafi meeshaalee aadaa akka dabalatu kaa'eera. Kanaafuu, Afaan Ingiliziin *Oral literature* isa jedhamuun *afoola*, *folklore* isa jedhamuun ammoo, jechoota Afaan Oromoo keessa jechi yaadrimee kana bakka bu'u waan hinjirreef, ergisaan *fookloorii* isa jedhu fudhachuun gaarii akka ta'e kaa'eera.

### 2.3.2. Duudhaa Hawaasaa (Social Folk Custome)

Duudhaan hawaaasaa gooroowwan fookloorii keessaa tokko ta'ee, adeemsa jiruufi jireenya keessatti hawaasni hirmaannaa waliiniitiin irradeddeebi'uun raawwatu akka ta'e hayyoonni garaagaraa ni mirkaneessu. Yaadauma kana fakkaatu Dorsan (1972) akka ibsetti, duudhaan hawaasaa garee hawaasaa yookiin miseensa garichaa amantaan, ayyaana, oomisha, da'umsa, dhaloota, gaa'ela, du'a yookiin haalawwan biroo wajjin walqabsiifamuun kan raawwatamu dha. Haala duudhaan hawaasaa keessatti kabajamu ilaalchisee Rechard Switerlich (1997) duudhaa hawaasaa yeroo itti dhiyaataniin iddoowwan afuritti qoqqooduun kaa'e: waqtii/yeroo eeggatanii kanneen raawwataman (calenderical custome), lufiinsa jireenyaa kanneen bu'ureeffatan (Rites of passage costume), dhimmoota hawaasni waliin kabajatu (Siginificantommunal event custome)fi dhimmoota amantaan walqabatan (Folk belief custome) fa'a.

Rechard Switerlich (1997) itti dabaluun akka heeretti, akaakuwwan fookiloorii duudhaa hawaasaa keessatti argamuu danda'an bakka afuritti qooduun kaa'e.Isaanis ayyaanafi kabajawwan (festivals and celebrations), bashannanaafi taphoota dorgommii (recriations and games), qorsa aadaa (folk medicine) fi amantaa (folk religion) fa'a. Haaluma walfakkaatuun fooklooriwwan duudhaa hawaasaa keesstti argaman ilaalchisuun, Sims and Stephens (2005) yoo ibsan,

> *Rituals are repeated, habitual actions,but they are more purposeful than custom; rituals are frequently highly organized and controlled, often meant to indicate or*

*announce membership in agroup. Most rituals bring together many types of folklore: verbal such as chants, recitations, poems or songs; customery such as gesture, dance or movements; and material, such as food, awards, clothing and costumes.*

Akka yaada hayyoota kanaatti, duudhaan hawaasaa dhimmoota garee hwaasichaa keessatti irradeddeebi’anii haala walfakkaatuun raawwatamani dha. Kunis kan raawwatamuuf, miseensa garee hawaasa tokkoo ta’uuf yookiin itti makamuu agarsiisuuf ofbeeksifachuu akka ta’e agarsiisa. Yaadichi itti dabaluun akka ibsutti, duudhaan hawasaa hedduun akaakuwwan fookiloorii garagaraa ofkeessatti hammata. Isaanis kanneen jechaanmul’atan, wantoota gareen jedhaman (chants), kanneen sammuutti qabachuun jedhan (recitations), sirboota, wantoota irradeddeebiin raawwataman (customary) isaanis kanneen miira ofii ibsachuuf taasifamu (gesture), sochii qaamaa (dance)fi meeshaalee aadaa (material culture) isaanis, nyaata, badhaasa, uffannaafi akkaataa uffannaa fa’a.

### 2.3.3. Aadaa Meeshaa (Material Culture)

Aadaan meeshaa akaakuuwwan fookloorii keessaa tokko ta’ee,wantoota ijaan argaman, harkaan qaqqabaman,arrabaanis dhamdhamamanii fi qabatamaa ta’an ofkeessatti hammata. Kanamalees meeshaaleen aadaa falaasama hawaasa tokkoo, seenaa, amantaa, aadaafi kkf bu’ureeffachuun ogummaa hawaasichi baroota/yeroo dheera keessatti goonfateen kan hojjetamaniifi dhalootaaf dabarsamani dha. Yommuu darbu kanas ogummaa hawaasichi aadaa meeshaa tolchuufi fayyadamuu irratti qabu karaa al-idilee daawwachuun, yaadachuunfi hojjechuun dhalootaa lufurraa dhaloota dhufutti darba. Yaaduma kana Woodward (2007) yoo ibsu,

*The term ‘material culture’emphasises how apparently inanimate things within the environment act on people, and are acted up on by people, for the purpose of carrying out social functions, regulating social relations and giving symbolic meaning to human activity.*

Akka yaadni kun agarsiisutti, jechi meeshaa aadaa jedhu kan xiyyeeffatu, akkamitti akka meeshaaleen uummataan tolfamaniifi uummataaf tajaajila garaagaraa kennan, walitti dhufeenya hawaasaa kallattii qabsiisuufi sochii dhala namaa keessatti hiika fakkoommii kennan agarsiisa.

Solomon (2007) gamasaatiin akka heeretti, meeshaaleen aadaa akaakuuwwan fookloorii keessaa tokko ta’ee, ogummaa hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti goonfateefi waliin gabbifateen kan hojjetamani. Kunis looriiwwan garaagaraa kan ofjalatti hammatu yoo ta’u, isaanis hojii harkaa

(folk craft), oguma harkaa (folk art), maandisummaa aadaa (folk architecture), aadaa nyaataafi dhugaatii (folk food and drink), uffannaa aadaa (folk costume/folk dress) jedhamuun kan qoqqoodamaniidha.

#### 2.3.4. Aartii Duudhaa Hawaasaa (Performing Folk Art)

Aartiin sochii qaamaa goorowwan fookloorii keessaa tokko ta'e, raawwii namni tokko yookiin gareen tokko bakka daawwattoonni jiranitti yeroofi iddoo murtaawwaa ta'etti raawwatu dha.Yaada kana fakkaatu Sims and Stephens (2005) yoo ibsu. "*Performance is an expressive activity that requires participations, heightens our enjoyment of experiences, and invites response. In order for aperformance to "happen," arecognized setting must exist (we have to know aperformance is taking place) and participants (performers and audience) must be present*."

Akkuma yaada waraabbii kanarraa hubatamu, aartiin duudhaa hawaasaa raawwatamuuf, yoomessa (yeroofi bakka) qabatamaa, hirmaattota (dhiheessitootaafi jamaa) dirqamatti barbaachisa.

## 2.4. Maalummaa Afoolaa

Afoolli dameewwan fookiloorii keessaa isa tokko taʼee afaaniin dhalootarraa dhalootatti kan darbaa dhufedha. Melakneh, (2006) yoo ibsu, "Afooli ogafaan dhalli namaa afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsaa kan dhufedha. Kunis kan of keessatti haammatu: afseena, durdurii, mammaaksa, hiibboo, ateetee, sirbootaafi afwalaloowwan garaagaraa kanneen jiruufi jireenya hawaasaa keessatti akka sirna bulmaataafi faayidaa adda addaaf oolanidha" jedha.

Gara birootin Finnegan, (1970) "Afoolli duudhawwan afaaniin dhalootaa dhalootatti darban keessaa tokko taʼee, baroota dheeraadhaaf sammuu namaa keessaa burqee kan himamudha" jedha. Yaadni kun kan nu hubachiisu afoolli kalaqa sammuu dhala namaa taʼee, yoomessa mataasaa kan qabuufi dubbii afaaniin dhalootaa dhalootatti kan darbudha.

Goorowwan afoolaa haala ittiin dhiyaataniin garaagara haa taʼan malee hundi isaanii dhoksa gadifagoofi falaasamoota hedduun kan badhaadhanidha. Adeemsa dhalootaa dhalootatti daddarbaniinis walitti akka dhiyaatan ibsiti.Waanti asirraa hubachuu dndeenyu, goorowwan

afoolaa bifa seenessuu yookiin afwalalootiin haalli ittiin dhiyaatan adda adda yoo ta'an illee, ergaa mataasaanii dabarsu.

Yaadota armaan oliirraa waanti hubatamu, afoolli haala jiruufi jireenya hawaasaa dhalootaa dhalootatti himinsa afaaniin daddarbaa kan dhufeefi kan jirudha. Afoolli qaama fookiloorii keessaa tokko ta"ee, muuxannoofi mudannoo akkasumas qabeenya hawaasaa kan ta'an kanneen akka: oduu durii, sheekkoo, ragamtaawwan, eebba, abaarsa, mammaaksa, hiibboo, qoosaa, faaruu, weedduu sirbaafi kkf ofkeessatti haammata.

Akkuma afoola hawaasa kamiiyyuu kan uummata Oromoos ga'ee guddaa qaba. Kana ilaalchisee Birhanu, (2009) yoo barreessu, "*Oral literature plays asignificant role on the culture of varies peoples on the world. This is because it is impossible to commit to writing the totality of the societies experiences and creations*." jedhee kaa'ee jira. Kunis muuxannoofi kalaqa hawaasaa hunda barreeffamatti jijjiiruun kan hindanda'amne ta'uusaatiin afoolaan dhalootaa dhalootatti daddarba jechuudha.

Beektonni faayidaa afoolaa karaa adda addaa ibsu.Fiqaadee, (1998) fayidaa afoolaa haala afuriin ibsa.isaanis: afoola akka hambaatti, afoola akka falaasamaafi xiinsammuutti, afoola akka damee barnootaattiifi afoola akka madda ogbarruutti qooduun ibseera. Dabalataanis innumti, (1991) afoolli dhorkuuf akka tajaajilu yoo ibsu, "Dhorkuun tooftaa haalota jireenyaafi amaloota gaarii afoolaan barsiisuuf, amaloota gadhee ta'anii baballatan hordofee sirreessuuf kan tajaajiludha. Yaada kanarraa waanti hubannu dhorkuun hawaasa tokko keessaa amaloota badoo ta'an balaaleffachuufi akkasumas, aadaan ykn seerri uummatichaa akka hincabne eeguuf kan tajaajiludha.

Afoolli jiruufi jirenya namootaa keessatti faayidaa guddaa qaba. Kanas Okpewo, (1992:106) akka ibsetti, afoolli faayidaa gammachuufi boqonnaa nama gonfachiisuun dhiphinaafi yaaddoo namni qaburraa qaamaafi sammuu namaa walaboomsuu kan qabudha. yaadni kunis ga'ee afoolli rakkoo jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti qaamaafi sammuu dhala namaarraan ga'u bilisa kan baasu ta'uu nu hubachiisa. Kanaafuu, yaadota oliirraa kan hubatamu afoolliifi hawaasni walirraa akka addaan hinbaaneefi b'aa hinshalagamne afoolli akka kennudha. Egaa akaakuun afoolaa hedduu ta'anis isaan keessaa as jalatti kan ilaalame abaarsadha.

## 2.5. Abaarsa

Abaarsi nama tokko sababa balleessaasaaf waanti hinbarbaachifneefi gaarii hintaane akka quunnamuufi rakkoon isa akka mudatuuf waaqa kadhachuudha. Kana ilaalchisee Oxford Advanced Learners Dictionary, (2006:286) irratti, "*Arude or offencive word or phrase that some one or people use when they are very angry*," jedha. Akka yaada kanaatti, abaarsi jecha yokaan gaalee ammeenya yokan gara jabeenya agarsiisuuf yeroo humnaa ol aaru kan hawaasni itti fayyadamu taʼuu argina.

Dabalataanis Mokonnon, (2008) yoo ibsu, "Abaaruun fuulduratti waanti hamaan, miidhaan, carraa yokaan mudannoon badaan akka qaama biroo gaʼu hawwuudha. Abaarsi jecha yokaan gaalee hafuura miidhaa namarraan ga‟u kan qabudha." jechuun ibsa.Yaaduma kana Prince, (1981) yoo ibsu, "*Both blessing and curses are usually expressed in words either spoken words or written words. But those words are not ordinary words, they are words charged with super natural power. The power may be the power of God or it may be the power of setan,*" jedha.

Yaadonni kunniin lamaanuu jechoonni abaarsi ittiin raawwatamu jechoota humna cimaa qabaniifi miidhuu danda'an waan ta'aniif nama abaarameef akka hintaane agarsiisuu.

## 2.6. Dhimmoota Abaarsaa Dhuudhaa Hawaasa Keessatti

### 2.6.1. Maalummaafi Yaad-rimee Abaarsaa

Wa'ee abaarsa irratti akka yaada karaa amantiitins ta'ee karaa biraatin ibsamutti abaarsi erga ilmi namaa gara addunyaa tanaa dhufee jalqabee kan jiru ta'uu isaati. Addunyaa tanarratti abaarsii jalqabaa ka raawwatame Waaqan ta'uu kitaaboleen amantii ni ibsu. Kunis Waaqni Aadamfi Hawwaa jeennata keessaa akka jiraatan isaan taasisee garuu eeyyama Waaqatiin ala baanan isaan abaaree jira. Abaareen Waaqa kunis hanga harraatti ilma namaa irratti kan raawwatama jiru ta'uu isaa kitaaboleen amantaa kuniin ni ibsu.

Gara biraatin immoo hayyoonni dhimma kana qoratan abaarsi maal akka ta'eefi akkamiti akka jalqabe yaada mata ofii kennanii jiru. Patricia (2004) hawaasa keessatti abaarsi maal akka ta'eefi maalif akka raawwatamu yoo ibsan "Namoonni hawaasa tokkoo keessaa waliin jiraatan gahee bahuu qaban kan uummamaanis ta'ee namaan itti kenname qaban. Kana keessatti gahee isaanitti

kenname kana akka bahantu isaanirraa eeggama. Yoo kuni ta'uu baate hawaasicha keessatti ni balaleeffatamu. Kunimmoo abaaraman jechuudha" jedhu.

Dabalataanis abaarsi waljibbiinsa cimaafi wanta badaa raawwachuurraa kan dhufu ta'uu kan ibsan immoo Dundes (2007). Isaanis yaada kana akka armaan gadiitti ibsu:

> *Abaarsi kan dhufuu danda'u waan badaa ta'e yaadurraa yookin jibiinsarraa ta'uun beekkamaadha. Abaarsi haalli isaa yoo ilaalamu dukkana. Lubbuun yookin haala gaarii ta'een jiraachuun keessatti hin mul'atu. Akkuma waliigalaatti yoo laalamu abaarsi bu'aa jibbiinsaafi haloo bahuuti jechuun ni danda'ama. Kana malees sodaan, waanyoon, shakkiin, rakkoon, abdii kutachuun, kkf abaarsaf ka'uumsa ta'uu danda'u.*

Yaada armaan olii kan hayyoonni jedhan kanarraa ka'uudhan abaarsi ka'uumsi isaa dhimmoota adda addaa ta'anilee akka waliigalaati yoo ilaalamu abaarsi waan badaa raawwatameef deebii kennamu jechuun ni danda'ama. Kana keessatti wanti hubatamu qabu wanti badaan raawwatame tokkoo namoota hundaaf badaadha jechuun hin danda'amu. Kan namoota muraasaf badaa ta'ee mul'atu tokkoo namoota birootif immoo raawwii gaarii ta'ee abaaruu osoo hin taane eebbisuun nijira.

Yaadotuma armaan olitti ka'an kanaan walqabsiisun abaarsi abdii kutachuufi humna dhabuurraa kan madduu ta'uu namoonni yaada keennanis ni jiru. Fakkeenyaaf, Baqqalaa (1996) humna dhabuun yookin abdii kutachuun akkammiti abaarsaf ka'uumsa ta'uu akka danda'u fakkeenya fudhachuun yoo ibsan "Namni humna waaraana tokkoo hoogganu tokkoo qaama biraa irratti waraana gaggeessuf manaa bahee garuu humni waraana inni qabu qabu sun duubatti jalaa deebi'uudhan yookin ganuudhan harka waraana isa mormuu irratti yoo kufe yookin yoo booji'ame humna dhabuun isaa waan itti dhagahamuuf abdii kutata. Yeroo kana waraana isaa kana 'Akka isin na gatan kanatti Waaqni isini haagatu' jechuun abaara" jedhu. Yaadni kun fakkeenya yoo ta'u haala gara garaatin abdii kutachuun namoota dhuunfaa biratti mul'atullee abaarsaf ka'uumsa akka ta'u Dundes (2007) ni ibsu. Akka yaada hayyuu kanaatti namoonni umriidhan, dhiibeedhan, kkf irraa kan ka'e yoo abdii kan dhaban ta'e isaanif abaarsi meeshaa waraanaa isa dhumaati.

**2.6.2. Abaarsaaf Amala Namaa (Cursing and Human Behavior)**

Akkuma beekkamu namoonni akkuma bifti isaanii gara gara ta’e amalli isaanitillee garaa garummaa qaba. Hawaasa tokkoo keessatti namoonni yoo waliin jiraatan wantoota baay’ee waliin dabarsu akkasumas waliin raawwatu. Isaanis hojii tumsaan hojjechuu, waliin gammachuu dabarsuu, bakka rakkoon jirutti walii mirmachuufi kkf ta’uu danda’u. Kuni akkuma jirutti ta’ee haala jiruufi jireenya namoota kana keessatti amalli namoonni mata mataadhan qaban xiyyeeffannaa keessa galuun isaa hin oolu. Hawaasa keessatti amalli namaa gaarin nieebbifama inni badaan immoo niabaarama.

Erga dhalli namaa addunyaa tanarratti uummamerraa kaasee abaarsi amalli namaa kanuma walfaana jiraachaa tureedha. Akka Kitaaba qulqulluu keessatti ibsametti Addaamfi Heewaan Waaqni jeennata keessaa jiraatan taasiseeti ture. Bakka kanas yoo jiraatan waan isaanif eeyyamamuufi kan hin eeyyamamneef addaan baasee itti himee. Garuu isaanii biqiltu isaanif hin eeyyamamne nyaachuun amala hin taanee waan agarsiisaniif Waaqan abaaramanii jiru (Kit. Fakk, 26:1-2). Egaa yaadni kuni amala isaanitirraa kan ka’e namoonni Waaqan kan abaaraman yoo ta’u yaadni amantii hundarraa’uu burqu kanuma walfakkaatu. Kana malees amala namootatirraa kan ka’e abaarsi kan raawwatamu ta’uu beektonni yaada kennan nijiru.

Akka Tzadok (2004) jedhaniti namni tokkoo kan abaaramu danda’u dalaguma amala isaa agarsiisuu badaa kan ta’e raawwachuudhan. Kanaafuu, namoonni dalagaan isaanii amala isaanii kan gaarii ta’e ibsu akkuma eebbifaman yoo dalagaan isaani sun kana mala isaanii badaa kan ta’e mul’isu ta’e nama biraatinis ta’ee hawaasa keessa jiruun niabaarama. Dabalataanis, Baye (1998) “Haala walitti dhufeenyafi waliin jiraachuu ilma namaa keessatti furtuun jiruufi jireenya isaa amala namootati. Hawaasa namoonni waliin jiraatan keessatti amalli namoota maraatu yoo kan waliin deemu fi kan walijaaru yoo ta’e waleebbisaati waliin jiraatu. Haa ta’u malee, namoota kaniin keessaa namoonni amala hin taane kan waliin jiraachu kana diigu qaban yookin agarsiisan ni abaaramu” jechuun namni tokkoo kan eebbifamullee ta’ee kan abaaramu amala isaatin ta’uu eeru.

Akkuma waliigalaati, yaada armaan olii kanarraa wanti hubachuun danda’amu raawwiin abaarsaa kana amala namaa waliin deemu yoo ta’u namni dalagaa isaa kana mala isaa badaa ta’e agarsiisun kan abaaramu ta’uu isaati.

### 2.6.3. Abaarsa Amantii Duudhaa Keessatti

Hawaasni Oromoo yeroo dheeraadhaaf seenaafi aadaa mata ofii kan qabuufi kan itti fayyadama ture ta'uun armaan olitti ibsame jira. Dhimmoota adda addaa keessatti fakkeenyaaf, bakka walgahiin taasifamutti, yeroo cidhaa, yeroo sirna awwaalchaa, yoo araara buusan, yoo eebbisaniifi abaaran, kkf keessatti akkuma seerri aadaa isaanii itti eeyyamuufiti raawwatu. Xiyyeeffannoo qorannoo kanaa kan ta'e haala raawwii abaarsaa yoo ilaalle amantii dhudhaa hawaasichaa waliin kan waliti hidhamiinsa cima qabu ta'uu hubachuun nidanda'ama.

Akka aadaa duudhaa hawaasa Oromooti namni kamiyyuu haadhafi abbaa akkasumas namoota umriin isaa hangafa ta'an hundaa kabajuun dhirqama ta'eeti ilaallama; yoo kana ta'uu baate akka nama abaarameetti fudhatama (Getaachoo, 1995). Kuni immoo dhalootarraa gara dhalootati kan darbuufi akka seera aadaa hawaasichaatti kan dhimma itti bahamuudha.

Dhimmi adeemsa raawwii abaarsaa amantii duudhaa hawaasa Oromoo keessatti yoo ka'u kan waliin ka'uu danda'u qaamni yookin namni abaarsa raawwatu isa akkami akka ta'eedha. Aadaa hawaasa Oromoo keessatti namoonni umrii gara garaa keessatti argaman hawaasicha keessatti gahee mata offit qabu. Kana keessaa immoo gaheen abaarsa raawwachuu eenyuuf akka kennamu Asmaroom (1973) fi Jabeessan (1989) "Sirni gadaa hawaasa Oromoo diimookiraatawaa fi seera mata ofii cimaa ta'een kan hooganamuudha. Kanarraa ka'uudhaan akka aadaa hawaasichaatti abaarsi kan raawwatamu jaarsoleedhani. Kunis kan ta'eef akka aadaa kanaattis ta'ee akka sirna gadaatti jaarsooleen namoota afuurri ayyaana Waaqaa irra bule jedhamee waan amanamuufi" jedhu.

Kunis kan agarsiisu hawaasa Oromoo keessatti jaarsoleen kabaja qabu. Akkasumas, wanti isaan jedhan nikabajama, nisodaatamas. Keessa'uu abaarsa walqabate akkuma "Jaarsi du'aa deemu sinabaarin bishaan darbaa deemu sinnyaatin" jedhamu akka amantii hawaasa kanaati jaarsoleen ni sodaatamu. Akkasumas, wanti isaan jedhan yookin dubbatan kan lafa hin buunefi Waaqa biratti kan dhagahamu jedhameeti amanama. Kanaafuu, namoonni waan badaa dalaguurra of qusatu. Haa ta'u malee hanga fedhellee ofqusachuun yoo jiraatellee fedhii namaa yookin kan dhuunfaa guutachuuf jecha wanti amantiifi aadaa hawaasicha biratti fudhatama hinqabne yeroo raawwatamu nijiraata. Yeroo kuni ta'e namni yookin qaamni badii uume sun abaaramuun isaa hinoolu. Kunis jaarsolee biraan gahuun akka raawwatamu ta'a. Jaarsoleen yeroo abaarsa raawwatan aadaa yookin amantii duudhaa hawaasa keessatti akkaata ittiin deeman qabu.

Yaada kanaan walqabatee, Baye (1998) haala adeemsa raawwii abaarsaa Oromoo Booranaa kaasuun akkana jedhu:

Hawaasa Oromoo Boorana biratti haaluma fedheenu ta'u badii dalaguun kan nama abaarsisu. Hawaasicha keessatti abaarsi kan raawwatamu jaarsolee yookin manguddoota Waaqa bulaniifi hawaasa keessatti fudhatama qabaniini. Yoo abaarsa raawwatan jaarsoleen kun dursanii namni badii raawwate sun akka dhugaa baafatu gaafachiisun yoo kan didu ta'e ni abaaru; dhugaan akka baatu abbaa dhugaa Waaqatti himu.

Kanarraa wanti hubatamu danda'u aadaa hawaasa oromoo keessatti abaareen yoo raawwatamu tartiiba mata ofii kan eeggate ta'uudha. Kunis kan ta'uuf dursanii namni badii uume jedhame sun gaabbuu isaa yookin diduu isaa osoo hinmirkaneefatin abaarun seera aadaafi amantii duudhaa hawaasichaa kan faalleessu jedhama.

Akka amantii duudhaa hawaasa Oromooti abaarsa jaarsoleedhan akka raawwatamu taasisuun seera aadaa fi amantii osoo hincabsin raawwachuuf gahee guddaa haa qabaatu malee abaarsi duudhaalee Oromoo kan biroo keessattilee akka raawwatamu ragaan tokkoo tokkoo niagarsiisa. Kunis mata duree itaanu jalatti ibsame jira.

### 2.6.4. Duudhaalee Oromo Abaarsi Keessatti Muldhatu

Aadaa Oromoo keessatti abaarsi yoomeessa mata ofii eeggate kan raawwatamu yoo ta'u innis yeroo yookin bakka namoonni itti walgahuu danda'aniin, yeroo kabaja sirna gadaa yookin ayyaanota gara garaa fi kkf waliin walqabsiisun kan raawwatamu ta'uu namoonni afoola Oromoo irratti qorannoo gaggeessan Baye (1998), Asaffaa (1998), Silashii (1978) fi Moosisaa (2009) ni ibsu. Yaadni qorattoota kaniin walitti qabuun yoo ilaallamu dudhaaleen Oromoo abaarsi keessatti muldhachu danda'u akka armaan gadiiti ibsamani jiru.

#### *2.6.4.1.Tumaa Gadaa*

Hawaasni Oromoo haala bulchiinsa isaa kan ittiin raawwatu sirna gadaa kan mata ofii qabaachun beekamaadha. Sirni gadaa kunillee seera ittiin bulmaata kan qabu yoo ta'u kunis abbootii gadaatin kan tumamuudha. Yeroo kunis yeroo fi bakka namoonni itti walgahan waan ta'eef namni yookin badii uume kan itti abaaramu ta'a.

*2.6.4.2. Guuza/Daboo*

Hawaasni Oromoon kan ittiin beekamu keessaa inni tokkoo aadaa walgargaarsati. Rakkoo walirratti laalun akka aadaa badaatti fudhatama. Aadaa walgargaarsaa hawaasa Oromoo keessa jiru kana keessaa inni tokkoo Guuza yookin Daboodha. Yeroo qonnaa yookin midhaan alaa galu namoonni naannoo tokkoo jiraatan waliin ta'uun qonna nama tokkoo irratti hirmaatu yookin midhaan gahee jiru osoo roobni itti hin deebi'in waliin haamuun alaa galchu. Yeroo Daboo kana waljalaa qabuudhan bara, loon, mootummaafi abba gargaara jiran faarsu. Kana malees, namoota hawaasa keessatti wanta bada dalgan kan akka hattuu, mortuufi falfaltuu waljala qabuun abaaru. Yoo kana wanti badaan jedhame kun isa ilaallatu yoo baka sana jiraatelee walumaan abaarama.

*2.6.4.3. Ateetee/Facaasaa*

Oromoon yeroo booqaan birraa bari'u fi yeroo masqalaa Waaqa booruu gannaa dabarsee ifatti isa baasef galfata. Gara biraatin immoo Waaqni bara haaraa bara badhaadhinaa, kan dhalate itti guddatu, kan mootummaa namaaf tolu sireerra bulchuufi walumagalatti bara nagaafi milka'inaa akka isaaf ta'u Waaqa kadhata. Yeroowwan Oromoon Waaqa isaa itti kadhatuu fi galateeffatu keessaa inni tokkoo yeroo Ateetee yookin Facaasati. Hawaasa Oromoo biratti bakka tokkoo tokkootti Ateeteen/Facaasan ayyaana dubartootaa haa jedhamu malee baayyinaan warri dhiiratilee ittuma hirmaatu. Yeroo ayyaana Ateetee nyaanni (Qinceen) midhaan filatama ta'erraa (Garbuu yookin Qamadii) irraa qopha'ee dhadhaan itti cala'ee (itti naquun) dubartoonni callee mormatti godhatanii itti facaasun, ijoolee dhiiraa addaan xuquun, ijoollee shamarranii addaafi mormatti facaasun, yoo barbaachisaa ta'e korma dhaabanii itti facaasun Waaqa kadhatu. Kana keessattis namni badii uumu, kan hamtu namatti yaadu, kan namaafi loonii hintolle Waaqa itti kadhachuun abaaru.

*2.6.4.4. Gaa'ela/Cidha*

Aadaa Oromoo keessatti guyyaan gaa'elaa yookin cidhaa guyyaa guddaafi guyyaa kabaja qabu. Guyyaan kun guyyaa misiroon lamaan walitti dhufuun warroomanii jiruu haaraa itti jalqabaniidha. Kanaafuu, nyaatafi dhugaati qopha'ee nyaatanii dhuganii sirbaafi ragadaan lafa buqqisu. Hamaamonni misiroo dhiiraa waliin ta'uun faradoo garmaamsaa, sirbaa taphachaa gara mana shamarree qajeelu. Achittis sirbaa ragadaa oolanii booda micayyoo fudhatanii gara mana muccaati deebi'u. kallatti lamaanitu yoo deeman sirba isaanii keessatti waan gaarii ta'e

nieebbisu; waan badaa ta'e niabaaru. Kan biyyaafi namaaf hintolle, kan hawaasa diiguuf deemu, kan moruufi falfalu, kkf kaasun sirbaan abaaru.

### 2.6.5. Dhimmoota Hawaasni Abaarsaan Balaaleffatu

Kana jechuun dhimmoota hawaasa keessatti abaarsisan, safuufi duudhaa hawaasichaa faana kan hindeemne jechuudha. Yaada kana Dammituu, (2003) irratti hawaasa keessatti namoota abaaraman yeroo ibsitu, "Nama seera dabse ykn seera biyyaan buluu dide kanneen akka: hattuu saamtuu, gantuu, tolchituu Oromoon seera jaarsaafi jaartiin abaara," jechuun caqasteetti. Waraabbii kanarraa sabni Oromoo durumaa eegalee seeraafi safuu ittiin bulu akka qabu, isas eeggachaafi dhalootaaf aadaa gaarii kana dabarsaas akka ture sirriitti ibsa.Itti dabalees yakkoota safuu ganamaa cabsan kanallee abaarsaan akka balaaleffatu hubachuun nidanda'ama. Haaluma kanaan Prince, (1981) qorannoo macaafa qulqulluu "*Curses: Cause and Cure"* jedhurratti ka'umsa abaarsaa bakka lamatti qoodee kaa'a. Isaanis: sagalee waaqayyoo dhaga'uu dhiisuufi waan waaqni godhi jedhu gochuu dhiisuun abaarsa akka fidan ibseera. Asirraas waanti xiinxalamu waaqni haango qabeessa akka ta'e, qajeelchaa akka ta'e, mirgaafi dirqama faana akka nama uume, hundumasaa haala inni kaa'een fudhatanii itti jiraachuu baannaan abaarsi adabuma abbichaaf isa biraa kennamu waan duruu jiru ta'uu tilmaamuun nama hindhibu.

### 2.6.6. Miidhaa Abaarsaan Dhufuu Danda'u

Abaaruun irra jireessa lubbuu ajjeesuuf osoo hintaane, qaama yakke ifa baasuuf waaqa akka adabbii kennuuf itti kadhachuudha.Yaaduma kana fakkaatu prince, (1981) waantota abaarsi ittiin mullatus haala itti aanuun kaa'a. Isaanis: Sammuu dhabuu, dhukkuba hinmaarre kan dhalootatti daddarbu, ulfi garaa taa'uu dhiisuu, diigamuu gaa'elaa, qabeenya barakaa hinqabne, beela hamaa, hongee hamaa, rooba hamaa, balaa tasaa, milkaa'na gama hundumaan dhabuu," fa'a. Kana jechuun waaqnis nama dhugaatti jiraatuuf waanta inni kadhate akka hinhirrifne, adaba mullataa dafee lubbuu hinbaasne, kan hawaasni irraa baratu qaama miidheef kennee seerri waaqaafi safuun abbootii ganamaallee akka kabajamu taasisuusaaati.

### 2.6.7. Tajaajila Abbarsi Hawaasaaf Kennu

Abaarsi hawaasaaf: dhugaa iddootti eega, seeraa waaqaafi namaa kabachiisee, jallaa qajeelchee akka sirraa'u taasisa. Haaluma kana kan cimsu moojullii hinmaxxanfamiin matadureen Seensa

Afoolaa (2003), yuunivarsiiti Wallaggaatti qophaa'erratti, “Oromoon isa waan badaa raawwate akka badu, yokaan akka badiisaarraa of qusatuuf abaara kunis faayidaa ogafaanii keessa tokko raawwata jechuudha,” yaada jedhu kaa'a. Uummanni Oromoo callisee akka hinabaarre, abaaruunis yakka hawaasa keessaa ittiin balaaleffachuuf akka ta'e waraabbii kanarraa hubachuun nama hindhibu.

## 2.7. Hawaasa Oromoo Keessatti Seenaa Adeemsa Raawwii Abaarsaa

Aadaa Oromoo keessatti namoota dhuunfaa, dhaabbilee, gareewwanis ta’ee mootummoota wanta yookin dalagaa badaa ta’een beekkaman abaaruun jiruu fi jireenya ilma namaa keessatti kan seenaa yeroo dheeraa qabuudha. Kana keessattis qaamooleen eeraman kuniin yoo haalli yookin galagaan isaanii miidhaa kan fidu ta’e nama kamiinuu kan abaaramuudha.

Hawaasa Oromoo keessatti abaarsi haala gara garaatin raawwatama. Kaniin keessaa namni tokkoo ofii isaatii of abaaruu, namni tokkoo nama biraa abaaruu, namni tokkoo namoota biroo kan gareedhan jiran abaaruu, gareen namoota tokkoo nama dhuunfaa tokkoo abaaruu, kkf kaasuun ni danda’ama. Akka aadaa hawaasa Oromootti kaniin eeraman kana keessaa gareen ta’uun nama tokkoo abaaruun baay’ee cimina kan qabuufi kan nama sodaachisu ta’uun isaa kan itti amanamuudha. Kunis “Kan hawaasni abaaree kan Waaqni abaaree” akkuma jedhamu abaarsii akkana kun yoo kan raawwatamu ta’e nama dhuunfaa irrattis ta’ee namoota gareen abaaraman irrattii midhaan inni geessisuu danda’u cimaadha jedhameeti amanama. Namni haala kanaan hawaasan abaarame yoo kolfe hiinmidhagu, yoo hojjete hojiin isaa milka’ina hinqabu akkasumas yoo dubnbate fudhatama hinqabu jedhama. Kanarraa kan ka’e abbaarsi akkan kuni akka raawwatamu yoo barbaadame dursanii ofeegannoo cimaan godhamuu akka qabu hawaasa kana keessatti ni amanama.

Haala adeemsa abaarsaa hawaasa Oromoo keessatti raawwatamu ilaalchisuun namoonni kanarratti qorannoo gaggeessan akka jedhanitti abaarsi hawaasan raawwatamu kan yeroo hunda hin raawwatamne ta’uu ibsu. Yoo kan raawwatamullee ta’e bakka gara garaati garaagarummaa qaba jedhu. Kanuma ilaalchisuun Bayyeen (1998) haala qabatamaa Oromoo Booranaa fudhachuudhan abaarsi hawaasa akka itti raawwatamu akka armaan gadiitti ibsu:

> *Oromoo Booranaa keessatti nama dhuunfa tokkoo yookin garee namoota tokkoo yoo gareedhan yookin akka hawaasa ta’uun abaaruu barbaadan namoonni sirna abaarsaa*

*sanarratti argaman hundi isaanii fuulan akka gara kallatti lixaati garagalanii dhaabbatan taasifamu. Kunis kan ta'eef kallattiin lixaa kan aduun (biiftuun) ittiin lixu waan ta'eef akka fakkeenya waan badaatti waan fudhatamuufi. Hawaasa Oromoo biratti kallattiin lixaa fakkeenya dukkanaati. Kun immoo akkuma hawaasa Oromoo kaanii hawaasa Oromoo Boorana birattillee fakkeenyuma walfakkaatu qaba.*

Akka aadaa Oromootiti abbarsii garee (hawaasa) kan raawwatamu naannoo namoonni itti wal gahuu danda'anitti yoo ta'u kunis naannoo gabaa, muka filatama namoonni jalatti wal gahuu danda'anfi lafa oljedhaa gubbaatti ta'uu danda'a. Bakka kanattis yoo namoonni sirna abaarsa kanarratti hirmaatan walgahan isaan keessaa manguddoon yoo abaaru namoonni kuun jala qabuudhan abaaru. Yeroo kanas abaarsi kun kan irratti xiyyeeffatu namni abaaramu kuni qabeenya/horii, fayyaa, daa'ima kkf akka hin arganeedha. Kana malees, haala hawaasumaatin wal qabsiisun namni abaaramu kun hawaasa keessatti akka fudhatama hin arganne, sadarka irra jirurraa akka gadi bu'u, kabajaa akka dhabu fi hawaasa biratti waanuma ta'eefu akka wabii ta'uu hin dandeenye kaasudhaan abaaru (Patricia, 2004).

Hawaasa Oromoo keessatti abaarsi yoo raawwatamu hangi yookin haalli abaarsaa haaluma badii raawwatame sanirratti kan hundaa'u ta'a. Qabiyyeen abaarsa saniitis badii raawwatame sanirratti kan hundaa'u ta'a. Fakkeenyaf, namni horii namaa hate yookin dhahee cabse tokkoo haala armaan gadiiti abaarama.

Loon si haa dhooggatu

Dhaltii si haa dhooggatu

Elemtuun te mana haa ooltu

Dunyaan te hin barakatin

Abaarsi kun qabeenyan keesa'uu hooriidhan yookin kan loonin walqabateedha. Abaarsa kana keessatti wantoonni jedhaman kuniin fedhii qaama abaaru sanii yoo ta'an isaanis Waaqni wantoota yookin fedhiiwwan badaa ta'an kaniin akka nama abaarame sanirraan gahu kan ittiin ibsameedha.

Gara biraatin immoo hawaasa Oromoo keessatti abaarsi raawwatamu da'imaniin yookin sanyii ilma namaatin kan wal qabatu ta'uu danda'a. Haala adeemsa raawwii abaarsaa daa'imaniin

yookin sanii ilma namaatin wal qabatu kana ilaalchisuun Lammaan (2001) akka yaada armaan gadiitti ibsu:

> *Abaarsi daa'imaniin yookin sanyii ilma namaatin wal qabatu kan raawwatu yoo namni tokkoo nama biraatirratti yookin daa'ima namaa irraatti rakkoo uumedha. Namni kunis rakkoo akkana kana kan uumuu danda'u osoo hin beekin yookin beekee ta'u danda'a. Haa ta'u malee rakkoon kun karaa kamiinuu haa raawwatamuu namni rakkoo uume kun dursee jaarsatti himatee yoo araarri hin bu'in rakkoon inni fidu cimaa ta'a. Yoo kuni ta'uu baate namni rakkoo uume sun 'Sanyiin sii hin bahin', 'Ilmaan te hin barakatin', 'Ilma si haa dhooggatu' jedhameeti abaarama. Kunis qaamni abaaru sun fedhii isaa kan akka rakkootti nama kanarra akka gahu barbaadu Waaqatti himata.*

'Kan Akaayaameefi kan Abaarame hin margu' akkuma jedhamu hawaasa Oromoo biratti abaareen daa'imaniin wal qabatu baay'ee sodaatama. Kunis kan ta'eef akka amantaa hawaasa kanaatti ilmi dhalate guddachuu qaba. Kuni ta'uu baanan abbaafi haadha kan gargaaru, kan yoo dhibaman waal'aanu, kan yoo du'an awwaalufi kan qabeenya isaanii dhaalu hin argamu. Kanarraa kan ka'e akka aadaa hawaasa Oromootti ilma nama yookin daa'iman namaa miidhun akka yakka cimaafi kan sirriti abaaramuti fudhatama.

Hawaasa Oromoo birati hangi abaaree inni olaana jedhamu faggeessuu yookin maqsuu jedhama. Kunis namni yookin qaamni abaarame sun hawaasa keessatti jiruufi jireenya namoota waliin qaburraa, tajaajila kamiyyuu hawaasa san keessaatti argaturraa akka fagaatu yookin akka hin arganne taasisuudha. Kun immoo namni yookin qaamni sun sirriti yookin ciminaan abaarame jechuudha (Lammaa, 2001). Kanarraa wanti hubachuun danda'amu hawaasa Oromoo biratti wantoonni badii ta'an kan abaaraman ta'inillee abbaarsi faggaachuu yookin maquu fiduu danda'u kan ilma namaa yookin daa'iman namaa miidhun dhufu kun daraan sodaachisaa ta'uu isaati.

# BOQONNAA III. MALA QORANNICHAA

Kutaa kana jalatti saxaxa, iddattoofi mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaaleefi malli xiinxala ragaalee qorannichaa walduraa duubaan kan dhiyaatan ta'a.

## 3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun gosa qorannoo qulqullaa'ina jalatti ramadama. Kunis gosti qorannoo qulqullaa'inaa ammoo, aadaa hawaasa tokkoorratti qorannoo gaggeessuun muuxannoo, ilaalcha, haala aadaa hawaasaa sanaa adda baafachuuf mijaawaa waan ta'eefi.

Qorannoon kun mala qorannoo ibsaarratti bu'uureffate kan gaggrrfamuudha.  Kanaafuu, saxaxni qorannichaas mala ibsati. Kanaafuu, qorannoo kana keessatti  ragaawwan afgaaffii, marii garee xiyyeeffataafi sakatta'a dookumentiin walitti qabaman haala gaariidhaan xiinxaluuuf mijataadha jedhamee waan yaaddeef mala ibsuutti gargaaramee jira. Afgaaffiifi marii garee xiyyeefataa ilaalchisee hawaasa aanichaa keessaa namoonni haala raawwii abaarsaa irratti hubannoo gahaa qaban jedhamani kan keessatti hirmaatan ta'a.

## 3.2. Iddattoo Qorannichaa

Qorannoon tokko yeroo gaggeeffamu irraawatama qaba. Irraawwatamni kunis namootafi dhimmota qorannoon gaggeeffamu sun irratti gaggefamuudha. Haaluma kanaan, qorannoon kun Naannoo Oromiyaa Godina Baalee keessatti aanaalee argaman keessaa Aanaa Gobbaa filachuun, haala adeemsa raawwii sirna abaarsaa hawaasa Oromoo aanaa kana keessatti argamuu xiinxaluurratti xiyyeeffata.

## 3.3. Madda Ragaalee

Maddi ragaalee qorannoo kanaa madda raga tokkoffaafi madda raga lammaffaati.Maddi ragaa tokkoffaan namoota kallattiidhaan waa'ee aadaa haala raawwii abaarsaa hawaasa Oromoo irratti muuxannoofi beekumsa qabanii fi odeeffannoo gahaa kennuu danda'aniidha. Ragaaleen kunneen manguddootaafi hojjettoota Waajjira Aadaafi Turizimii Gobaaraa argaman. Maddi ragaa lammaffaan ammoo, galmeewwan mata duree qorannoo kanaatin walqabatan kanneen Waajira Aadaafi Turizimii aanaa Gobbaatti argamuu danda'aniifi qorannoowwan tanaan dura hojjetaman kan mata duree kanaan walqabatan sakatta'uun ragaalee funaanamanidha.

## 3.4. Mala Iddattoofi Iddateessuu

Iddattoon adeemsa qorannoo gaggeessuu keessatti argaman akkuma qorannootti garaagara. Akka Dastaan (2013), Trochim (2006) wabeeffachuudhaan ibsetti iddattoo akka waliigalaatti iddattoo carraafi iddattoo miti-carraa jeddamee bakka lamatti qoodama. Qorannoo kana keessattis iddattoo miti-carraatuu dhimma bahama. Kunis namoonni qorannoo kanaaf akka odeeffannoo akka kennan filataman tooftaalee adda addaa iddatteessuutiin kan filataman osoo hintaane dhimma haala raawwii abaarsaa irratti kan beekumsa qabaniifi fedhii isaanitiin kan odeeffannoo kennuu danda'an ta'an. Waa'ee iddattoo miti carraa ilaalchisee Kathari (2010 iddattoon miti carraa namoota hawaasa keessa yookin dhaabbata tokko keessa jiran keessaa odeefkennitoota (namoota odeeffannoo kennan) fedhasaaniitiin odeeffannoo barbaachisa ta'e kennuu danda'an filatama.

Kanaafuu qorannoo xiinxala haala raawwii sirna abaarsaa kana keessatti, gosoota iddatteessuu keessaa, idaattessuun miti-carraa kan filatame yoo ta'u, gosoota iddatteessuu miti-carraa keessaa ammoo, mala iddatteessuu akkayyootu filatame. Iddatteessuu akkayyoo kan jedhamu ammoo, Addunyaan (2011), Sarankos (2005) wabeeffachuudhaan yoo ibsu, "Malli iddatteessuu akkayyoo mala qorataan tokkoo namoota odeeffannoo kennuu danda'an yookin mata duree qorannoo sanirratti beekumsa qaban jedhaman itti kaayyeeffatee filatu" jechuun ibsa.

Yaadni kunis, iddattoo akkayyoo keessatti, qorataan tokko odeefkennitoota kanneen dhimma qorannichaarratti itti dhiyeenyaan waa'ee dhimma qoratamu sanaa nibeeku jedhaman ofiin murteessee akka filatu agarsiisa. Kanaafuu, qorannoo kanaaf qorattuun hawaasa Oromoo aanaa Gobbati argaman keessaa namoota haala raawwii sirna abaarsaa irratti muuxannoo fi beekkumsa qaban mala iddatteessuu akkayyoo (purposive sampling) fayyadamuun filatti.

## 3.4. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Odeeffannoo funaanuudhaaf meeshalee funaansa ragaalee jiran keessaa yeroo baay'ee kan hojiirra oolu afgaaffii, marii garee xiyyeeffataamaa, sakaata'a dookumentiifi daawwannaa fa'a. Meeshalee kanneen keessa ammoo, qorannoo kana keessatti hojiirra kan oolan afgaaffii, marii garee xiyyeeffataafi sakatta'a dookumentiiti ta'a. Kana keessatti dookumentiin sakatta'amu

wa'ee haala raawwii abaarsaa irratti Waajjira Aadaafi Turizimii Aanichaatin qinda'ee kan olkaahame ta'a.

### 3.4. 1. Afgaaffii

Afgaaffiin, gaaffii qorataan odeeffattoota filataman afaaniin gaafatudha. Waa'ee meeshaa odeeffannoo akkamtaa funaanuuf gargaaru kanaa ilaalchuun, Dastaa (2013) yoo ibsu:

> *Afgaaffiin gosoota meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa tokko ta'ee, kan qorataafi odeef-kennan fuulleetti wal arganii odeeffannoo waliif kennani. Odeeffannoo afgaaffiidhaan funaanamu wanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf odeeffataa gaafachuu danda'uu isaati.jedha.*

Kunis afgaaffiin qorannoo qulqullaa'inaa keessatti odeeffannoo barbaachisaa ta'e funaanuuf meeshaa baay'ee barbaachisaa ta'uusaa agarsiisa. Sabab kanaaf, qorattuun afgaaffii qindaa'aafi miti-qindaa'atti gargaaramuun manguddootaa yookin namoota dhimma kanaratti beekumsa qabaniifi hojjettota Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Gobbaa ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisan funaannatti. Qaamoleen jalqaba odeeffannoon irraa funaanamus, manguddoota aanichaati. Kunis, haala raawwii sirna abaarsaa ilaalchisee namoota filataman gaafachuufi yaada isaanii funaanachuun kan raawwatamuudha.

Adeemsa af-gaaffii kana keessatti manguddoon dhimma kanarratti hubanoo qaban jedhaman 5 fi hojjettoon Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Gobbaa 5 ni hirmaatu. Kanaafis gaaffii qindaa'aa 5 fi gaaffii miti-qindaa'a 5 gargaaramuun odeeffanoon ni funaanama. Yeroo Af-gaaffiin adeemsifamu ragaan namooni kun kennan yaadannoon qabamuun xiinxalama.

### 3.4.2. Marii Garee Xiyyeeffannoo

Karaa marii garee xiyyeeffataas odeefkennitoonni afgaaffii isaaniif dhiyaaterratti walmarii'atanii qorattuudhaaf odeeffannoo akka kennan taasifama. Hirmaattonni marii garee xiyyeeffataa kunis, garee adda addadiitti kan qoodaman yoota'an, miseensi garee tokkoo odeefkennitoota hanga shan ofkeessaa qaba. Hirmaatonni marii garee xiyyeeffataa gandoota aanicha keessa jiranirraa kanfilataman ta'ee mariin kan gaggeeffamu bakka hirmaattonni waliti dhufuun ragaa kennuu danda'an mijeessuudhaani. Xiyyeeffanaan marii kanaatis haala raawwii abaarsaa aanaa kanaa

ta'e mariin sa'aatii 3-4 tif gaggeeffama.Kana keessatti gaheen qorattuu yaada marii dhiyeessuufi yaada namoonni keennan yaadannoo qabachuu ta'a.

### 3.4.3. Sakatta'a Dookumantii

Malli funaansa ragaalee qorannoo kana keessatti hojiirra oolu inni biraan sakatta'a dookumentiiti.Waa'ee sakatta'a dookumantii ilaalchisuun, Dastaan (2013), "Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootti nama fayyadan hedduudha. Isaan keessaa kanneen akka kitaabotaa, xalayyootaa, gaazexaa, barruulee adda addaa, barreeffama murtii, yaadannoofi kan biroo ta'uu malu. Dookumentoonni kunis, mana kitaabaatti yookin namoota harkatti argamuu danda'u," jechuun ibseera. Qorannoo kana keessattis ragaalee yaada qorannoo kanaatin wal qabatan sakattu'uun odeeffannoon dabalata kan argamu ta'a. Isaanis ragaalee Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Gobbaati argamaniifi barruuleefi qorannoowwan adda addaa sakata'uun raawatama.

## 3.5. Mala Xiinxala Ragaalee

Ragaaleen barbachisoo ta'an meeshaalee funaansa ragaalee afgaaffii, marii gareefi sakatta'a dookumantii gargaaramuun ragaalee erga walitti qabateen booda mala xiinxala ragaalee keessaa mala akkamtaatti fayyadamuun xiinxalti. Qorannoon kunis, haaluma kanaan, ragaalee argaman mata duree qorannichaatin walqabsiisun kan xiinxalu ta'a.

# BOQONNAA IV: RAGAALEE DHIYEESUUFI QAACCESSUU

Boqonnaan kun odeeffannoo kennitoota adda addaa irraa aragamani kutaalee gara garaatti qoodamanii kan itti qaaccessamaniidha. Isaanis halaa abaarsi ittiin dhiyaatu, yoomessa abaarsaa, adeemsa abaarsaa, dhimmoota abaaraman, faayidaa abaarsi hawaasaaf qabu, kkf kan of keessatti qabatu ta'a. Mata dureewwan gara garaa jalatti odeeffannoon daawwannaafi af-gaaffiin funaanames jechaan ibsamee qaacceffameera.

## 4.1. Haala Dhiyeessa Abaarsaa Aadaa Oromoo Keessatti

Akka ragaalee hawaasa keessaa funaanamanitti abaarsi unkaalee walaloofi hololootin dhiyaata. Adeemsa kana keessatti yeroo baay'ee qaamni abaaru dhimma isa dhibe dursee waaqatti waan himatuuf isa kanas kan himatuu haala hololootin waan ta'eef adeemsa raawwii abaarsaa keessatti hololoon walaloo dursee dhiyaata. Yaada kanaan kan wal qabatu od-himtoota keessaa obboo Magarsaa fi obboo shafiin (guyyaa 17/08/2012) akka ibsanitti, "Namni abaarratu tokko dura ofii isaatii qulqulluu ta'ee waaqatti himata. Sanaan booda qaama isa miidhee abaarrata. Adeemsa kana keessatis yaada isaa bifa qindoomina qabuun waaqatti himata"jeechuun yaada isaanii kenaniiru.

Kana malees dabalatan odeeffannoon namoota biroo irra argameerra akka hubachuun danda'metti abaarsii yoo dhiyaatu bifa walaloo fi hololootin kan wal make dhiyaatu ta'uu isaati. Fakkeenyaaf, namni tokkoo nama biraa osoo hin beekin yeroo malee naannoo mana jireenyaa isaatti argee maalif akka dhufe gaafanaan yoo itti himuu yookin amanuufi didee akkamiti akka abaarratu od-himaan a Taajuu Kadiir (guyyaa, 18/08/2012) "Maaliif bakka kanatti argamte naa amani jennaan nadide, yeroo malee, osoo ani hinbeekin naannoo mana kiyyaa osoo inni dhaabbatuun arge, miidhuuf ollaa koo kanan walliin jiraadhu, itti naaf darbi yaa waaqa koo" jedheera.

*Qaalii koo tuffatee*
*Seera jaarsaafi jaartii tuffatee*
*Lafa inni dide kana*
*Qaracaa keen qaracii fidi*
*Isa haala hintaanen natti deemu*
*Ati itti naaf deemi*
*Inni nadhokseeti raawwatee*

*Ati ifa naaf baasi*

*Maatiifi waatiin walkeessa jiraannaa daarii naaf buufadhu*

*Nyaannaan dhugnaan daarii naaf buufadhu*

*Yaa waaqa koo sikdhadhewaanan sitti himadhe yoo naaf raawwatte, sansalata keetin hiitee yoo naa fidde, dhugaa koo yoo naa ifa baafte baatrii ibseen siif galcha*.

Haala raawwii abaarsaa armaan olii kana keessatti haalli abaarsi ittiin dhiyaatu hololoofi walaloon akka ta'eefi unkaan hololoo gara seensaafi gara xumraatti akka argamu, baayyinni unkaa walalootu caala. Haa ta'u malee lamanuu walfaana dhimma akka itti ba'amu hubachuun nidanda'ama.

Kunis akkuma adeemsa raawwii abaarsaa dhiyaatee irraa hubachuun danda'amutti jalqaba irratti namni abaarrattu sababa ittii abaarrachuu danda'eef ibsuudhan jalqaba. Akka fakkeenyatti, isa kana keessatti namni abaarratu namni biroo kan miidhaa isarraan gahuuf naannoo mana jireenyaa isaatti kan argameefi maalif akka bakka sanatti argame gaafannaan amanuufii diduu isaati. Kuni immoo haala hololootin kan dhiyaatedha.

Inni itti aanu immoo haala walalootin kan dhiyaateefi dhimmoota Waaqatti himatamu qaban hunda kan ofkeessaa qabuudha. Kana keessatti namni badiin irratti raawwatame kuni waan isarratti raawwatame hunda kaasuudhaan hawwii isaa Waaqati himata. Inni kun adeemsa raawwii abaarsaa keessatti bakka abaarsi itti raawwatame jechuun nidanda'ama. Kanaan booda kan jiru qaama wareeggachuu yoo ta'u kan haala hololootin dhiyaatedha. Inni kun adeemsa raawwii abaarsaa keessatti kan xummuraa yoo ta'u bakka kanatti namni midhaan irra gahee Waaqati himatee abaaree sun yoo Waaqni dhugaa isaa baasee isa dhaqabe waan gochuu yookin wareeggachuu qabu ibsachuun abaarsa xummura.

## 4.2. Yoomessa Abaarsaa Oromoo Bakka Qorannoo

Oromoo Siiqqoo-Mandoo Aanaa Gobbaa keess iraatan biratti abaarsi bakkaafi yeroo itti raawwatu qaba. Kuneenis akka itti aanutti dhiyaatu,

### 4.2.1. Yeroo Raawwii Abaarsaa

Odeeffanno argamerra akka hubatametti abaarsii guyyaa, guyyoota torbanii fi waggaa keessatti yeroo itti raawwatamu kan mata ofiiti qaba.Yaada kanaan wal qabatee od-himtoota af-gaaffii hundarraa akkan hubatametti, abaarsi Waaqa biratti fudhatama kan argatu namni tokkoo osoo waanhin nyaatiin afaan bulleen waan ta'eef ganama raawwatama. Guyyoota toorban keessaa immoo nama seera guuteef guyyoota Kibxata, Kamisa, Sanbata Xiqqaafi Dilbata abaarsii ni raawwatamaafi. Waggaa keessati immoo yeroon abaarsi itti raawwatamu danda'u yeroo booruun gannaa darbee booqaan birraa bari'efi yeroo namni midhaan sassaabbatee inni fagoofi dhiyoo walga'ee isa darbeef galata isa fuula duraaf ammoo kadhaa itti dhiyeeffatu ta'a.Fakkeenyaaf, yaada kana mirkaneessun yeroo marii garee xiyyeefata yaadni obboo Sanbatoo Waaqee (guyyaa, 18/08/2012) kennani kan armaan gadiiti ture.

> *….abaarsii kan raawwatamu seera mata isaa eegateeti. Kana jechuun yeroofi bakka qaba. Fakkeenyaaf, abaarsii kan raawwatamu ganamaan osoo midhaanifi bishaan afaanin hinqabiin yoo ta'e baay'ee fudhatama qaba. Torban keessatti guyyoonni Kibxata, Kamisa, Sanbata Xiqqaafi Dilbata baayyee filataman. Waggaa keessatti immoo yeroo baay'ee abaarsii kan raawwatamu yeroo ayyaanatiifi yeroo haalli mijataan jiru ta'u qaba. Fakkeenyaaf, yeroo birraan bari'u ta'uun barbaachisaadha.*

Egaa yaada kanarra wanti hubachuun danda'amu sirni abaarsaa kan raawwatamu yeroo argame osoo hintaanee akka aadaa Oromootti yeroo uunkaan yookin jechii abaarsaa rabbi yookin Waaqaa bira gahee fudhatama argatu ta'u qaba.

### 4.2.2. Iddoo Abaarsaa

Od-himtoonni af-gaaffiifi marii garee xiyyeeffataa hundi gaaffii yoomessa abaarsaatiin walqabatee ka'eef yoo deebii kennan namni tokkoo bakkuma fedhe dhaabbatee abaarrachuu hin danda'u jechuudhaan sababasaa isaa waliin lafa kaahanii ture. Gaaffii kanaaf namoota deebii kennan keessaa obboo Kadii Galatoo (guyyaa 18/08/2012) yeroo marii garee xiyyeeffataa yaada armaan gadii kennaniiti ture.

> *Sirna raawwii abaarsaa keessatti namni tokkoo bakkuma argeefi yeruuma argee abaarsa hin raawwatu yookin hin abaarratu. Kunis kan ta'eef namni waa balleesse tokkoo balleessaa isaa yoo kan amanu ta'e yookin osoo hin beekin yoo kan balleesse ta'e addaan haa bahuufi. Erga kuni addaan bahee qulqullaa'ee booda bakkii fi yeroon filatamee abaarsi raawwatama.Kanaafuu, yeroon abaarsii itti raawwatamu erga addaan baheen booda bakki*

*filatamee raawwatama.Akka aadaa Oromoottis ta'ee akka godinaafi aanaa keenyatti bakki abaarsi itti raawwatamu danda'u yookin namni tokkoo itti abaarrachu danda'u muka Oromoon itti irreeffatu jalaafi bakka Oromoon waggaa waggaadhan korma itti qaluudhaan waaqa isaa itti kadhatu ta'a.Egaa namni seera sirnichaa guutee argame yeroofi bakka filatame kanatti abaarrachuu danda'a jechuudha.*

Akkuma yaada od-himaan kun ibsanirraa hubachuun danda'amutti abaarsi kan raawwatamu yookin namni tokkoo abaarrachuu kan danda'u akka seera aadaa Oromoottii yeroo fi bakka filatametti ta'uu isaati. Kanaan ala namni tokkoo akkuma isaa tolutti yeruumaafi bakkuma argetti kan abaarratu yookin kan abaarsa raawwatu yoo ta'e waaqa biratti fudhatama hin qabu jedhameeti amanama.

## 4.3. Eegganoowwan Adeemsa Raawwii Keessatti

Namni tokkoo yoo abaarratu yookin yoo abaarsa raawwatu callisee osoo hin taane dhimmoonni inni xiyyeeffanaa keessa galchuu qabuu hedduutu jira. Wantoota yeroo namni tokkoo abaarratu yookin abaarsa raawwatu ofeeggannoo barbaachisan keessaa ijoo kan ta'an muraasni isaanii gaaddidduu walii deemuu dhiisuu, namoonni wal abaaran suniin nagaa wal gaaffachuu yookin harka walfuudhuu dhiisu, waliin nyaachuu dhiisuu, yaada isaanii waljijjiiruu yookin waliin haasa'uu dhiisuu, mana walii hafuu (mana walii deemuu dhiisuu), waliin horii qalatanii nyaachuu dhiisuu, qarshii walii kennuu yookin liqeessuu dhiisuufi kkf fa'a (Obboo Bayyanaa Mabraatuu, guyyaa, 17/08/2012, yeroo af-gaaffii).

Dabalataanis, yeroo marii garee xiyyeeffataa wantoota yookin dhimmoota yeroo abaarsii raawwatamu ofeeggannoo barbaachisan irratti yaada gara garaa kennaniit ture. Haa ta'u malee yaadni isaanii kan armaan olitti od-himaan eeraman kun kennaniin kan wal fakkaatu ture.

## 4.4. Adeemsa Raawwii Abaarsaa

Aadaa isaa keessatti Oromoon eebbisuu malee abaaruu akka filannootti hinfudhatu.Bakka eebbi itti gaggeeffamuttilee abaarun sirri miti jedhameeti amanama. Haa ta'u malee yoo wanti tokkoo bade yookin yoo nama tokko miidhan nama birootin irra gahee dhugaan akka ifa baatuf abaarrachuun yookin abaarsa raawwachuun dirqama ta'a. Akkuma yaada od-himtoota af-gaaffiirraa hubatamu, qaama nanmiidhame jedhuuf akka abaarratuuf callisee gulantaan hiunkennamu. Komatamaa yoo beeke akka waammatuuf qaaliin itti himama. Kunis miidhamaan nama isa miidhee saniin gaafa akkanaa bakka akkasiiti dhiyaadhu jedhee kan itti himu ta'a.

Namni akka dhiyaatu barbaadame kun yeroo gara garaa irra deebiidhaan itti himamaa. Yoo namichi alsadii yeroo adda addaatti itti himamee dide midhamaan akka abaarratu eeyyamamaaf.Innis bifa dhugaasaa ibsachuu danda'uun waaqatti himata.

Guyyaa eeyyamamuufitti qaamni abaaru ganamaan osoo waa hin nyaatin afaan buleen soogidda qabatee, meeshaalee aadaa jiran maqaa dhahuun dhaabachuufi jilbiiffachuun nama miidhame saniif dhugaan isaa akka baatu Waaqatti himuun itti yaamu. Kanaan booda namni abaarratun sun gaafa Waaqni itti himatan dhugaa isaa baasef waan galchuu qabu hanga human isaa himachuun xumura.Nama waan ta'eef yoo dogoggoreef akka abaarsi isa hin tuqneefis yokaan garasaatti hindeebineef soogidda tokko daarii keewwatee akka sodaa malee jiraatu godhata (obboo Taayee Iddosaa, guyyaa, 17/08/2012, yeroo af-gaaffii)

Kana malees yeroo af-gaaffitis ta'ee yeroo marii garee xiyyeeffataa od-himtoonni biroo adeemsa abaarsi ittiin raawwatu irratti yaadni isaan kaasan yaada armaan olitti eerameen addaa miti. Innis namni nama tokkoo haala gara garatin miidhaa irraan gahee tokkoo miidhaa namarraan gaheef akka amanu yeroo gara garaa (yoo xiqqaate alsadii) akka itti himamuufi yoo dide akka abaaramu ibsaniit ture. Kanumaan wal qabsiisun, akka fakkeenyatti, namni tokkoo lafumaa ka'e nama biroo yookin hiriyaa isaa amala inni hin qabneen yoo "hattuudha" jedhee maqaa balleesse namichi kun akkamitti akka abaaramu adeemsa raawwii isaa obboo Buttaa Galatoo (guyyaa, 18/08/2012, yeroo marii garee xiyyeeffataa) akka armaan gadiitti kan ibsan yoo ta'u odeeffannichi haala gadiitin qaacceeffame jira.  Namichi maqaan isaa xuraa'ee kuni namicha maqaa xureesse kana maalif akka akkana jedheen akka dhugaa baasuf itti hima.Yeroo gara garaa itti himee kan didu yoo ta'e akkana jechuun abaarrata.

> Waaqni aadaa Oromoo yoon dhuguma hattuu ta'ee qabeenya isaa fuudhee jiraadhe dura na qabi,
> Akka intalli hin heerumne
> Akka ilmi hinfuune
> Sanyii koot maqaa cabsee
> Ani akka inni naan jedhe kana qabeenya namaa hin hatu
> Inni garuu hattuu naan jedhee
> Yaa Waaqa dhugaa koo naaf baasi
> Sanyii isaa guutuun naaf ba'i
> Arraba inni hattuu naan jedheen kana naaf qabi
> Duuka bu'ii naaf qabi
> Qabduu keen naaf qabi

Ciisii itti naaf ka'i
Taa'ii itti naaf ka'i
Seera keen naaf qabi
Itti naaf dafii
Dhugaa koo naaf baasi jennaan na didee
Ani humana hin qabu ati naaf qabi
Namichi yoo dhufee dhugaa koo naaf baase, korman siif galchaa ati naaf qabi.
Waliin deemnaan,
Waliin qonnaan,
Waliin nyaannaan,
Na hinga'iin,
Dhala koo hinga'iin,
Maatii koo hinga'iin,
Sanyii koo hin tuqiin jechuun akka isa hintuqne godhee xumura.

Egaa adeemsa raawwii abarsaa armaan olii kanarraa akka hubachuun danda'amutti abaarsi yoo raawwatamu yookin namni tokkoo kan abaarratu seera fi adeemsa mata ofii eeggatee ta'uu isaati. Haaluma kanaan raawwiin abaarsaa armaan olitti dhiyaate kun akka armaan gadiiti addaan baasun nidanda'ama.

Inni jalqabaa qaama adeemsa raawwii abaarsaa kana keessatti bakka namni midhaan irra gahe sun waan miidhame hunda tokkoo tokkoon itti ibsatuudha.

Waaqni aadaa Oromoo yoon dhuguma hattuu ta'ee qabeenya isaa fuudhee jiraadhe dura na qabi,
Akka intalli hin heerumne
Akka ilmi hinfuune
Sanyii koot maqaa cabsee
Ani akka inni naan jedhe kana qabeenya namaa hin hatu
Inni garuu hattuu naan jedhee

Kana keessatti namni miidhame kun nama biraatin 'hattuu' jedhamee waan maqaan isaa badeef maqaan isaa hawaasa keessatti cabuurraa kan ka'e akka intalli isaa hin heerumneefi ilmi isaa akka hinfuune ta'uu himate. Kanati aansee kan jiru bakka miidhamaan (namni abaarratu) waan ta'uu qabu hawwii isaa Waaqati himatuudha.

Yaa Waaqa dhugaa koo naaf baasi
Sanyii isaa guutuun naaf ba'i
Arraba inni hattuu naan jedheen kana naaf qabi
Duuka bu'ii naaf qabi
Qabduu keen naaf qabi

Ciisii itti naaf ka'i
Taa'ii itti naaf ka'i
Seera keen naaf qabi
Itti naaf dafii
Dhugaa koo naaf baasi jennaan na didee
Ani humana hin qabu ati naaf qabi
Namichi yoo dhufee dhugaa koo naaf baase, korman siif galchaa ati naaf qabi.

Bakka kanatti waan 'hattuu' jedhamee maqaan isaa bade kanaaf waan ta'uu qabufi hawwii isaa kan nama maqaa isaa xureesse kanarra gahuu qabu Waaqati himate. Waaqni abbaan humnaa seera isaatin akka adabuuf waan jedhamu qabu hunda kaasun himate.

Egaa namni miidhame kun erga abaarrateen booda abaareen kun akka mataa isaaf maatii isaatiti hin deebine gara xummuraati akkana jechuun gulantaa yookin daangaa kaawwate.

Waliin deemnaan,
Waliin qonnaan,
Waliin nyaannaan,
Na hinga'iin,
Dhala koo hinga'iin,
Maatii koo hinga'iin,
Sanyii koo hin tuqiin

Isuma kanaaf yeroo af-gaaffiin taasifame od-himtoota keessaa Taayyee Iddoosaa (guyyaa, 17/08/2012) yaadni isaan kennan kan armaan gadiiti.

*Namni tokkoo yoo nama birootin miidhan yoo irra gahe, yoo reebame yookin yoo maqaan isaa badee calliseetuma hin abaaru. Duraan dursee maaliif akka isa miidhee akka dhugaa baasuf gaafata. Yoo kan didullee ta'e irra dedebi'uun gaaffii dhiyeessafi. Sanaan booda qaama abaarutti himachuun akka abaaramuuf godha.Itti aansudhaanis gulantaa lafa godhata yookin kaawwata. Kunnis akka abaarsi gama qaama abaareetti akka hindeebineefi. Gulantaan hintaa'u taanaan abaarsi gamaafi gamana deemti.Kanaafuu qaamni abaarratu akka aadaa Oromootti soogidda kaawwatee gulantaa yookin daarii kaawwata. Yeroo kanas akkana jedhu:*

Harkaa nyaannaan, dhugnaan
Daarii naa buufadhu
Daarii qonnaan,
Daarii jiraannaan
Daarii naa buufadhu
Mana namaatti

Waliin dhugnee, nyaannaan
Daarii naa buufadhu
Harka dabarsa yoo na nyaachisan
Daarii naa buufadhu
Utuun nyaadhuu yoo dhufee itti darbe
Safuudhaa maaddiirraa hinka'uu
Kun safuu oromoo cabsuudhaa
Daarii naa buufadhu
Mataa koof
Maatii koof
Zarii koof
Daarii naa buufadhu
Gaaddisa koo
Gaaddisa qoraattii itti godhi,
Hadhaa meexxii itti godhi!
Gaaddisasaa ammoo
Taliila bishaan baddeessaa
Gaaddisa somboo,
Itittuu naaf godhi!

Haala adeemsa raawwii abaarsaa armaan olitti dhiyaate kanarraa hubachuun kan danda'amu abaarsi yeroo raawwatamu seera mata ofii eeggate kan raawwatamu ta'uu isaati. Isaan keessaa inni jalqabaa namni midhaan irra gahe sun nama isa miidhee san osoo hinabariniin (hinabarsiisiin) dura miidha kana maalif akka raawwate itti himuu akka qabuudha. Kunis namiicha miidha raawwate sana haaluma aadaa hawaasichaatin gaafachuun kan raawwatamu ta'uu isaati. Namni miidhan irra gahe kun bakkafi guyyaa abaarsi itti adeemsifamuu yookin raawwatamu danda'u filachuun abaarsi raawwatama. Kana keessatti namni miidhame kun miidha isarra gahee tokkoo tokkoon kaasudhaan waaqatti himata.

Xumurarratti namni abaarratu yookin abaarsifatu kun gulantaa kaawwata. Kunis kan ta'uuf abaarsi kun gama isaatiti yookin maatii isaatitti akka hindeebineef waan jechuu qabu keessa'uu dhimmoota nama isaarraan miidhaa gahee kanaan waliitti isaan fiduu danda'an hunda kaasudhaan Waaqatti himatee daarii yookin gulantaa kaawwata jechuudha.

## 4.5. Gochoota Aadaa Keessatti Abaaraman

Akka yaada od-himtootarra argamerraa hubaachuun danda’ametti hawaasa Oromoo keessatti akka waliigalaatti yookin hawaasa Oromoo Aanaa Goobbaa keessatti dhimmoonni abaarreedhaan balaaleffataman nijiru. Dhimmoonni akkana kuniin kan nama tokkoo dhuunfaadhanis ta’ee gareedhan miidhaniifi miidhaa gaheefis dhugaan akka ifa bahu barbaadamuudha. Isaanis haaluma odeeffannoo argameen akka armaan gadiitti qaacceeffamanii jiru.

### 4.5.1. Waliigaltee Diiguu

Hawaasa tokkoo keessatti namoonni waliin jiraatan akkuma mata mataa isaanitiin waan dhuunfaan hojjetan qaban wantoota waliin hojjetan qabu.Yoo waliin hojjetan kana waliigaltee godhatu. Haa ta’u malee yeroo tokkoo tokkoo waliigaltee godhatan san wal kaaduu yookin wal ganuun ni uummama. Kanarraa kan ka’ee waliigalteen sun yoo kan diigamu ta’e walabaarun nidhufa. Keessa’uu namni waliigaltee diigame saniif dhugaan akka bahu barbaadu namawaliigalee diigee san ni abaaraa yookin akka abaaramuuf godha. Yaada waliigalaa kannaan wal qabsiisun yeroo af-gaaffiitis ta’ee yeroo marii garee xiyyeeffataa yaadni od-himtoonni kennan haala armaan gadiitti dhiyaatee jira.

Aadaa Oromoo keessatti, “Kan dubbatan baduurra kan dhalchan baduu wayya!” waan jedhamutu jira.Namoonni walii jiraatanillee kana jechuun waan waliin hojjetan yokiin waliif godhan xiqqaadhaa hanga guddaatti wal amananii raawwatu.Kanas bakka waaqa malee namni hinagarretti waliigalanii waliin hojjetu.Tokko turtii yeroo dheeraan booda yaada waliigaltee hirrisa yokiin hunda diiga.Isaan kunniin haala adda addaatin mullatu. Waanuma ta’ellee ta’u waliigalteen hirratullee yookin guutumaa guututti diigamullee namoota waliigaltee godhatan keessaa kan dhugaa barbaadu ni abaara yookin ni abaarrata (obboo Kadiir Daanoo, guyyaa 18/08/2012, yeroo marii garee xiyyeeffataa). Dabalataanis, yeroo af-gaaffii obboo Morkisaa Getaachoo (guyyaa, 17/08/2012) gaaffii kanaan wal qabateef deebii yoo kennan akkana jedhan:

> *Hawaasa Oromoo keessatti waliigalteen dhimma guddaadha.Namni yoo waliigaltee tokkoo godhatu Waaqa isaa fuuldurratti waliigala.Kuni immoo dhimma guddaadha.Namoonni yeroo waliigaltee godhatan kanaa Waaqa isaan bira jiru raga godhataniiti walii galu. Haa ta’u malee waliigalteen isaan kun haala adda addaatin diigamu danda’a. Kanarraa kan ka’e namoota waliigaltee waliin qaban kana keessaa kan dhugaa barbaadu obsa yeroo dheeraatin booda gara abaarutti deema.*

### 4.5.2. Nama Ganuu Keessatti

Hawaasa tokkoo keessatti haala waligaltee keessaa inni tokkoo qabeenya walirraa liqeeffatanii rakkoorraa wal oolchudha.Jiruufi jireenya keessatti namni bakka ragaan hinjirretti yokiin waliif ergisee wal fayyaduu danda'a.Sanaan booda, itti fayyadamee dhumarratti waan liqeeffate san hirrisee galcha yookin akkuma jirutti dhoorkata. Abbaan qabeenyaatisnamakana reebuu hundanda'u; himachuuf ragaan hinjiru, ofiisaatii yookin hiriyyoota isaa gaafachiisa. Yoo kuni hunduu dadhabame abbaan dhugaa ni abaarrata. Kana keessattis namni abaarratu akka armaan gadiititi ta'uu odeeffannoon od-himtootarra argame ni agarsiisa (obboo Waaqtolaa Dastaa, guyyaa, 17/08/2012, yeroo af-gaaffii)

> *Qabeenya koo naaf deebiisi jechuun yeroo baay'een gaafadhe. Hiriyootallee gaafichiisetan ture. Garuu, naaf amanuu ni dide.*
>
> *Yaa Waaqa guddaa*
> *Abbaan dhugaa*
> *Horii koo fuudhee na dhowwatee*
> *Humnan qaba jedhee nadhowwatee*
> *Ragaa hinqabu jedhee nadhowwatee*
> *Jaalalaan fudhatee jibbaan nadhowwatee*
> *Rakkanaan narraa fudhatee*
> *Ani humna hinqabu ati humna naaf ta'i*
> *Qabii harkaa naa fuudhi*
> *Seeran gaafachuuf raga hinqabuu*
> *Ati seera keen naaf gaafadhu*
> *Hin ajjeesiin hinballeessiin*
> *Ati sansaslata keen naaf qabi*
> *Fidii mana koonaaf dhaabi*
> *Qabeenya koonaaf galchi,*
> *Jedheetuu Waaqa hunda uume, abba humnaatti himata.*

Kanarraa kan hubatamuun namoonni bakka ragaan hinjirretti qabeenya walirraa liqeeffatanii namni liqeeffate sun qabeenya san itti fayyadamee rakkoo keessaa erga baheen booda yoo deebisuu dide namni qabeenya liqeesse sun ka abaaru yookin kan abaarratu ta'uu isaati. Adeemsa raawwii abaarsa kana keessatti abbaan dhugaa dursee ofii isaati nigaafata yookin namoota biro nigaafachiisa. Kana hundaanu yoo didame Waaqatti himachuun abaara. Akkuma

raga kanarraa hubachuun danda’amutti namni kun yoo abaaru Waaqni qabeenya isaa kana akkamiin akka deebisiisufii danda’u yaada isaa himata.

### 4.5.3. Waadaa Diiguu Keessatti

Akkuma beekkamu hawaasa Oromoo keessatis ta’ee hawaasa biro keessatti dargaggeessifi shamareen yookin dargaggeetti walii jiraachuuf waada gaa’elaati walii gidhatu. Garuu, yeroon muraasan booda dhimmoota gara garatirraa kan ka’e waadaa gaa’ela kana walharkaa diiguun dhufuu danda’a. yoo kana wal abaarun nidhufa. Kanumaan wal qabsiisun od-himaan obbo Buttaa Galatoo (guyyaa, 18/08/2012, yeroo marii garee xiyyeeffataa) keessa’uu yoo dargageessichi waada kan diigu ta’e abaarsi akkamiin akka raawwatamu akka armaan gadiitti ibsanii jiru.

> *Hiriyyoonni jaalalaan turanii waliigaltee gaa’ela hundeeffannaa waan walbiraa qabaniif boodas nuti kan waliiti yaada jedhuun inni dhiiraa bantiishee fudhata. Waliin jireenya gaa’ela duraa utuma itti fufanii booda mucayyoon manatti ulfa taati, gurra maatiis cabsiti. Yeroo kana isheen utuu dafanii gaa’ela hundeeffatanii ni jaallatti; inni ammo fuula irraa galagalfata. Itti boossee kadhattes hoomaa garaa hin laafu, ragaan hinjiru, qaalii bokkuuttis hin dhiyaatu, akkasitti mucayyoo gursummaa taasisa jechuudha.Isheenis haala gadiitin waaqatti himachuun abaarti.*

Ani dubartiidha dadhabduudha
Inni ani jabaadha jedhee waadaa diigee namiidhe
Garuu ati jabaadha
Yaa Waaqa sittan himadha
Jabaa namaa hinarguu
JabaanWaaqaa
Ani jabaadha jedhee isa waada diige kana
Jabaa kee itti ergii
Isa waadaa diigee narraa garagale kana
Utuun jaalladhuuna ajeese kana
Iddoo jaalalasaa naa ajeessi
Qonnaan lafarraa kaadi
Nagannaan gabaarraa kaadi
Rafnaan itilleerraa galagalchi
Gaa’ela malee isa na hambisee
Gaa’ela malee isa naaf hambisi,
Jechuun boossee dhugaa ishee Waaqatti himattee abaarratti.

Yaadni abaarsa armaan olii kunmicayyoon dargaggeessa waliin bakka ragaab hinjirretti waadan waliin qaban waan diigameef tuffatamee, joortuun ta'ee, namaan gadi ta'ee, Waaqni abbaa dhugaa ati dhugaa koo naaf baasi jechuudha. Asirraas waanti hubatamu Oromoon waadaa akka eegu, amantaa cimaa kan safuun ganamaa akka hincabsine nama eegu akka qabudha. Yeroo tokko tokko namni waadaa kana haalarratti hundaa'ee akka haalu, kun ammo hawaasa keessatti balaaleffatamaa waan ta'eef abaarsisuu akka danda'uudha.

### 4.5.4. Hanna

Hatuu jechi jedhu qabeenyaan kan walqabatu yoo ta'u, abbaan qabeenya hinargiin waan namaa fudhatanii kan ofii godhachuudha. Hawaasa keessatti tokko dafqee jooree humnasaan bula, inni kaan ammoo kooree boonee hojii hawaasni hinbeekneen bula.Hojiinsaanii dukkanaan, dukkanaafi bakka hinmullannetti qabeenya namaa fudhatanii jiraatu, kun hannadha. Kana jalatti aanaa qorannoon itti gaggeeffame keessatti hanni kan abaaramu ta'uufi akkamitti akka abaaramu od-himtoonni tokkoo tokkoo fakkeenya fudhachuun ibsaniiti ture. Isaan keessaa obboo Waaqtolaa Dastaa (guyyaa, 17/08/2012, yeroo af-gaaffii) namni tokkoo yoo nama tokkoo jalaa qotiyyoo qonnaa hate adeemsi abaarsaa akkamitti akka raawwatamu akka armaan gadiiti ibsan.

Waaqni uumaa ganamaa
Abbaa kormaa abbaa dullachaa
Abbaa ormaa abbaa cinaachaa
Yoon dafqa namaa fuudhe naqabi
Kanaan achi ammoo:
Arfaasaa koorraa nakaachisee
Arfaasaasaarraa kaachisi
Dukkanaan fuudhee ifatti baasi
Qonnaan lafarraa hanqadhu
Nagannaan bu'aan hanqadhu
Jireenyasaa hati
Wayyaansaa isa haa hatu
Kan horiin koo hojjete
Lilmoo itti haa ta'u
Eebboo cokoo itti haa ta'u
Hinajjeesiin hinballeessiin
Sansalataa keen qabii

Fidii qe'ee kana naaf dhaabi, jechuun abaarratee akka mataasaafi maatiisaa hintuqneef haala itti aanuun gulantaa kaawwata.

Yaa Waaqa guddaa

Daarii naaf buufadhu

Mataa koof daarii buufadhu

Maatii koof daarii buufadhu

Waliin nyaadhee dhugnaan daarii naaf buufadhu

Sanyii walitti daballaan daarii naaf buufadhu

Daarii teenyaan daarii naaf buufadhu

Boo'icha walii deemnaan daarii naaf buufadhu

Harka dabarsa na nyaachifnaan daarii naa buufadhu, jedhee erga xumuree booda oolmasaaf waaqaaf waan galchu wareeggata.

Gaaddisa koo hadhaa itti godhi

Gaaddisasaa immoo itittuu narra godhi

Waanan sitti himadhe kana dhageessee

Ifa yoo naaf baafte

Maarrachiiftee naaf qabde

korbeessa hoolaan maarrachiisaa siif galcha jechuun yoo dhugaan isaa baatee qabeenyi isaa argame waan Waaqaf galchuu qabu himata.

Abaarsa kanhannaa olii kanarraa hubachuun kan danda'amu namni kan abaaru namaajjeesuuf akka hintaane, dhugaasaa dhokate yookin dhugaan qabeenya isaa kan hatamee akka ifa bahuuf ta'u isaati.

Dabalataanis abaaree qofa akka hindhiifne seeraafi safuu waaqichaa yoo cabse abaarsichi isa abaaretti deeba waan ta'eef waanti godhamugaafasuma akka jirullee nama hubachiisa. Akkasumas, gochaa waaqni raawwatuufifilleebooda galanni, dhuga ba'insi waaqichaafi amanaa fuulduratti akka barbaachisuufi seera guutamuu qabu ta'uun ni hubatama.

### 4.5.5. Qabeenya Balleessuu/ Barbadeessuu

Od-himtoonni af-gaaffii (obbo Magarsaa Goobanaa fi Obbo Bayyanaa Maabraatuu, 17/08/2012) bu'uuraalee abaarsaakeessatti, "Qabeenya namaa barbadeessuun gocha waaqni hinjaallanne raawwachuudha. Kunis walitti bu'insa namoota irraayookin jibbaarraan kan ka'e qabeenya namaa: ciruu, gubuu, diiguu, buqqisuufi kkf mancaasuun akka faayidaa hinkennine gochuun barbadeessuudha, kunammo ni abaarsisa." jechuun od-himtoonni lamaanuu yaada walfakkaatu heeraniiru. Fakkeenyaaf, obboo Sanbatoo Waaqee (guyyaa, 18/08/2012, yeroo marii garee xiyyeeffataa) yaada qabeenya namaa barbadeessuu kanaan walqabsiisun namnimanni yookin

godoonsaa diigame, cufaan isaa bakka inni hinjirretti falaxame tokko haala itti aanuunakka abaaramu himaniiti ture.

> Wanti martuu kan isaa ifa ta'e
> Waaqni uumaa ganamaa
> Kan mana koo diigee saanqaa koo falaxe
> Ati jireenyasaa naaf barbadeessi
> Mataasaa miila godhii
> Miila mataa godhii
> Arr'ii naaf qabi
> Qabii naaf fidi
> Qabeenya koo naaf galchi
> Itti naaf duulii gumaa koo naaf baasi
> Harkaafi miila cabsii
> Fidii naaf dhaabi
> Waaqni fagoofi dhiyoof dhageessu naaf dhaga'i
> Dhundhumatti naaf qabi
> Taakkuutti naaf deebisi
> Kan inni nyaatu, dhuguun naaf qabi
> Kan inni uffatuun naaf qabi
> Qilleensa godhii mana kootiti naaf fidi
> Yoo ati kana naaf gootee hiitee naaf fidde galata keetiif korman siif galcha.Jedheetuu xumurata.

Akkuma haala adeemsa raawwii abaarsaa armaan dura ibsamee adeemsa raawwii abaarsa kanaa keessattillee namni qabeenyi isaa jalaa barbadaa'e kun Waaqni dhugaa qabeenya isaa akka baasuf kan abaarrate ta'a. Kana malees yoo waaqni kanaa isaa kana dhaqabeef namni abaarrate kun waan gochuu qabu yookin wareeggatu qabu agarsiisa. Kanaafuu, adeemsii raawwii abaarsa kana yaada lama kan of keessa qabu yoo ta'u isaanis yaada namni abaarratu Waaqatti himatuufi yaada galata Waaqatiif namni abaarratu wareeggatu qabuudha.

### 4.5.6. Haqa Balleessuu yookin Jallisuu

Yeroo odeeffannoo kennan dhimmoota akkuma waliigalaatti aadaa Oromoo keessattis ta'ee aanaa Gobbaa keessatti abaaramuu danda'an keessaa inni tokkoo haqa jallisuudha. Od-himtoonnis dhimma kanaa ibsuu qofa osoo hin taanee fakkeenyaan adeemsii raawwii abaarsaa maal akka fakkaatu himaniti ture."Akkuma bifti addaa amalli namootaas adda adda.Isa tokkoof

dhugaan dhugaadhuma, isatokkoof immoo sobniifi dhugaan walqixa.Fakkeenyaaf, matta'aa fudhatee, firooma ilaalee, haalailaalee namni sobaan raga ba'a, dhugaa ifa jiru jallisuun yaada kenna," jechuun odhimaanobbo Naasir Huseen (guyyaa, 17/08/2012, yeroo af-gaaffii) ibsanii jiru.

Dabalataanis, obboo Kadiir Daanoo (guyyaa, 18/08/2012, yeroo marii garee xiyyeeffataa) dhimma kana ilaalchisuun namni haqni isaa jalaa baddee dhugaa malee adabame tokkoo adeemsa akkamiitin akka abaarratu fakkeenya kaasun akka armaan gadiitti eeran.

> *Akkuma beekamu haqa jallisuun dhimmoota fudhatamas hin qabneefi abaaramu qaban keessa isa tokkoodha.Namni haqni isaa jalaa jallatte kuni nama fuulduratti waanuma fedhellee jedhu, akka barbaadettille iyyu namni isa dhagahu hin jiru. Garuu, Waaqni waan arguufi dhagahuuf Waaqatti himachuun abaarrachuu danda'a. Namni kun kan haqa malee hidhame yoo ta'e dursee waan isarra gahee yookin haqa jalaa jallatte erga himateen booda , fakkeenyaaf, qaamni abaaru akkana jedhee abaarrufii mala:*
>
> *Kan hingodhiinitti hidhame*
>
> *Dhugaasaatuu dhokate, dhugaasaa mullisiif*
>
> *Humnaafi qabeenya dhabee hidhamee*
>
> *Ati humnaafi qabeenya ta'iif*
>
> *Hidhii agarsiisii ifa baasiif,* jechuun qaamni abaaruu nama yookin qaama haqa jalleesse san abaaraf.

Adeemsa raawwii abaarsa kana irraa wanti hubatamu qabu abaarsi kun kan raawwatame nama midhaan irra gaheen osoo hin taane qaama biroo kan abaaruni. Kanaafuu, adeemsa kana keessatti namni miidhame (haaqni isaa jalaa jallatte kun) dursee qaama abaaru kanaaf dhugaa malee akka hidhamefi haqni baddee miidhan irra gahuu himata. Qaamni abaaru sunillee erga yaada kana beeken booda abbara jechuudha.

### 4.5.7. Dhoksaadhan Nama Sodaachisuu yookin Reebuu

Odeeffannoon od-himtootarraa argamee akka agarsiisetti akkuma dhimmoota kaanii dhoqsaadhan nama sodaachisuun kan abaaramu yoo ta'u innis haala adeemsa raawwii abaarsaa eeggatee kan raawwatamu ta'uu isaati. Kana ilaalchisuun od-himaa obboo Waaqtolaa Dastaa (guyyaa, 17/08/2012 yeroo af-gaaffii) akkana jedhan

Haaloo ba'uuf jecha nama komii waliin qaban tokko, seerichi na hinbaasu yokaan waan mo'tameef karaatti eeggatee reebichaa hanga du'aa irratti raawwata. Asitti ragaannamaa hinjiru kan beeku waaqa qofadha waan ta'eef waaqatti himachuun fala barbaaddata. Fakkeenyaaf,

waldhabuurraa kan ka’e namni tokkoo nama birootin bakka ragaan hinjirretti yoo reebame akkana jedhee abaarrachu ni danda’a.

Waaqni uumaa ganamaa
Waaqni aadaa Oromoo
Qaalii kee dide
Ani jabaadha jedhee dide
Human qabdaa
kan humana qabu itti naaf ergi
Ari’ii naaf qabii
Fiigii naaf qaqqabi
Lafa inni dide kana
Mataa miila godhii
Miila mataa godhii
Fidii naaf dhaabi
Ija haadha kee hinjenne
Ija abbaa kee hinjenne
Kan karaatti na eeggate kana
Ani danda’ee gumaa hinbaafadhuu
Ati gumaa koo naaf baasi
Waaqni dhugaa baastu
Narraa dhayi
Niitii isaa dhayi
Ilma isaa dhayi
Intala isaa dhayi
Waaqni akaakayyuun dhufte
Kan  hinjirre itti naaf buusi
Jabaadha jedheen
Si barbaacha dhufee
Dhayii gumaa koo baasi
Halkan hirriban dhabee
Guyyaa qalbiin dhabee
Na gubee
Abidda keetin narraa gubi
Gubdee hinqabbanaayiin
Itti qabattee hindhaamiin
Hiitee hinhiikiin
Waraantee hinbuqqifatiin

Rakkadheetan si bira dhufee
Walbukkee nu dhaabi

Jechuun abaarrata.

Saniin booda abaarsi akka isatti hindeebine akkana jedha.

Daarii adeemnaan nahinga'iin
Daarii teenyaan na hinga'iin
Dingata dirmachuu deemnaan
Imimmaan buufnaan daarii ta'ii na eegi
Wallaalaa kootiifi beekaa koo daarii ta'ii naaf eegi,
Waaqni uumaa yoo ati hiitee naaf fiddee walcinaa nu dhaabde batirii ibseen siif galcha.

Kanaan booda qaamni inni birratti abaarratullee akkana jechuun itti dabalu:

Abbaa sanqii
Abbaa hanqii
Abbaa diidaa
Abbaa diinqaa
Jabaa qaalii kee dide kana
Shookkisaa kee itti naqii
Qaracaa kee itti naqii
Muraa kee itti naqii
Bakka inni dide kana
Fidii dhaabi
Gaaddidduu adeemnaan
Gaaddisa teenyaan
Daarii ta'ii eegi
Sanyii yoo walkeessadabarse
Daarii ta'ii eegi
Kan godhu sidha malee ana mitii
Godhii gumaasaa baasiif

Adeemsa abaarsaa kanarraa wanti hubachuun danda'amu haalli raawwii isaa bifa (qaama abaarsaa) sadii qabaachuu isaati. Inni jalqabaa sababa namni abaarratu kun nama badii uume kana ittiin abaaruu danda'e kan ibsuudha. Adeemsa abaarsaa isa jalqaba kana keessatti namni abaarratu kun baka ragaan namaa hinjirreti namaan reebamu isaa, kanaafis namni bakka ragaan hinjirreti reebicha uume kun namni reebame akka bakka barbaachisuti dhiyaatee amanuuf yookin maalif akka kana raawwate himu gaafanaan diduu isaafi kana raa kan ka'e immoo gara abaarsati deemu isaa ibsatee jira.

Akkuma raga dhiyaaterraa hubachuun danda’amutti qaamni abaarsa kanaa kan lamaffaan bakka namni bakka ragaan hinjirreti reebamuudhan miidhame kun abaarsa itti raawwatuudha.

Human qabdaa
kan humana qabu itti naaf ergi
Ari’ii naaf qabii
Fiigii naaf qaqqabi
Lafa inni dide kana
Mataa miila godhii
Miila mataa godhii
Fidii naaf dhaabi
Ija haadha kee hinjenne
Ija abbaa kee hinjenne
Kan karaatti na eeggate kana
Ani danda’ee gumaa hinbaafadhuu
Ati gumaa koo naaf baasi
Waaqni dhugaa baastu
Narraa dhayi
Niitii isaa dhayi
Ilma isaa dhayi
Intala isaa dhayi
Waaqni akaakayyuun dhufte
Kan  hinjirre itti naaf buusi
Jabaadha jedheen
Si barbaacha dhufee
Dhayii gumaa koo baasi
Halkan hirriban dhabee
Guyyaa qalbiin dhabee
Na gubee
Abidda keetin narraa gubi
Gubdee hinqabbanaayiin
Itti qabattee hindhaamiin
Hiitee hinhiikiin
Waraantee hinbuqqifatiin
Rakkadheetan si bira dhufee
Walbukkee nu dhaabi

Asitti namni abaarratu kun waan isarratti raawwatame hunda kaasun Waaqati himata. Bakka ragaan namaa hinjirreti nama biraatin reebamuufi namni reebicha raawwate kun silaa ragaan

hinjiru jedhee amanuuf yookin qaalii isaa fudhachuu diduu himata. Dabalataanis, namni reebicha raawwate kun namni reebichi irratte raawwatame humna hinqabu jechuudhan qaalii fudhachuu didullee Waaqni humna isaatin akka dhugaa isaa barbaaduf, nama kana raawwate kana akka qabuuf yookin dhugaan akka baatuf himata.

Kanaan booda namni abaarratu kun gulantaa yookin daanga kaawwachuun wareeggata. Kunis ka armaan gadiiti.

Daarii adeemnaan nahinga'iin
Daarii teenyaan na hinga'iin
Dingata dirmachuu deemnaan
Imimmaan buufnaan daarii ta'ii na eegi
Wallaalaa kootiifi beekaa koo daarii ta'ii naaf eegi,
Waaqni uumaa yoo ati hiitee naaf fiddee walcinaa nu dhaabde batirii ibseen siif galcha.

Akkuma ragaan dhiyaate agaarsiisutti namoonni kuniin hawaasa keessatti haala gara garaatin waliin jiraachuu yookin walitti dhufuu danda'u. Fakkeenyaaf, waliin nyaachuufi daangaa walii qotachuu danda'u. Kanaafuu, abaareen kun akka gara nama abaareefi maati isaati hindeebine waan jechuu qabu jechuudhaan gulantaa yookin daangaa kaawwate.

Grabiraatin immoo raga argamerraa wanti hubachuun danda'ame namni bakka ragaan hinjirreti reebamee abaarratu kun bakka namoonni biroo yookin qaamni abaarsa raawwatu jirutti abaarsa kan raawwate ta'uu isaati. Kanaafuu, erga abbaan miidhan irra gahe kun abaarun gulantaa kaawwatee xummureen booda Waaqni dhugaa isaa akka baasuf qaamni kun kan abaaruf ta'uu ragaan niagarsiisa.

# BOQONA V:  CUUNFAA, ARGANNOO, YABOOFI GUDUNFAA

## 5.1. Cuunfaa

Boqonnaa afur keessatti odeeffannoon madda gara garaatirraa argame dhiyaatee xiinxalli itti kennamee jira. Akkuma waliigalaatti xiinxala godhamerraa wani hubachuun danda'ame adeemsa qorannichaa keessatti hawaasni Oromoo fookloorii mata ofii kan haala jiruufi jireenya isaa ittiin ibsatu qabachuu isaati. Dameewwan fookloorii hawaasni Oromoo aadaa fi duudhaa isaa ibsachuuf itti dhimma bahu keessaa inni tokkoo afoola. Afoolli kan hawaasni kun aadaalee, dudhaalee, beekumsafi wantoota raawwataman dhalootarra gara dhalootati afaanin ittiin dabarsuudha. Dhimmoota haala afoolatiin hawaasni Oromoo walii dabarsu keessaa inni tokkoo haala adeemsa raawwii abaarsaa ta'uun hubatame jira.

Bakka qorannoon kun itti gaggeeffame kanatti (Godina Baalee Aanaa Goobbaa) hawaasni Oromoo abaarsa kan raawwatu sababoota gara garaa irratti hundaa'eti. Akka odeeffannoon argame agarsiisetti hawaasni Oromoo aanichaa wantoonni yookin gochaaleen hawaasicha keessatti hinbarbaachifne yoo raawwataman nama yookin qaama raawwate san abaarsan kan balaaleffatuudha. Gochaaleen hawaasni abaarsan balaaleffatu kuniin hatuu, maqaa namaa xurreessuu, humna dahoo godhachuun bakka raagaan hin jirretti nama reebuu yookin namarraan miidhaa gahuu, waan hin beekamne tokkoof badii uumuf yaallii gochuu, qabeenya namaa itti fayyadamanii deebisuu diduufi kkf kan haawasni Oromoo bakka qorannoon kun itti gaggeefame jiraatu abaarsan balaaleefatuudha.

Gara biraatin qorannoo kana keessatti kan xiyyeeffannaan itti keenname haala adeemsa raawwii abaarsati.  Akkuma walii galaatti qorannoo kana keessaatti haala addeemsaa raawwii abaarsaatiin walqabsiisun odeeffannoon od-himtootarraa argame dhiyaatee qaacceffamee jira. Kanarraa wanti hubatamuu danda'amee adeemsii raawwii abaarsaa kan seera mata ofii qabuufi seensaa, deemsaafi xummura irratti wantoota raawwataman qabuudha. Akkuma xiinxala odeeffannoo argaminirraa hubachuun danda'ametti seensaa abaarsaa irratti kan raawwatamu namni miidhan irra gahee yookkin abaarratu sun nama isa miidhee kana osoo hinabaariniin dura gaafachuudha. Kanaan yoo kan didame ta'e gara abaarsatiti deemama.Deemsa raawwii abaarsaa keessatti miidhan raawwatame hundi isaanii ifaan ka'uudhan akka Waaqa bira gahuu danda'anitti himatamu. Erga miidhan raawwatame hindinuu ifaan himatamniin booda akka abaarsii gara

nama abaarratuu kanatti hin deebine gulantaa kaawwachuun waan wareeggamu qabu himuun xummurama.

Yoomeessa raawwii abarsaatin walqabatee akka hawaasa Oromoo Sikoo-Mandoo kan godina Baalee Aanaa Goobbatti abaarsi bakkafi yeroo itti raawwatamu kan mata ofiiti qaba. Odeeffannoon argame akka ibsutti abaarsi kan raawwatamu yeroo ayyaana gara garaa, fakkeenyaaf, ayyaana masqalaa yeroo namoonni booruu gannaatirraa gara booqaa biraatitti bahuu isaanitiif Waaqaf galata galchan, eeggate kan raawwatamu. Bakka abaarsi itti raawwatamu ilaalchisee immoo abaarsi kan gaggeeffamu bakka namoonni itti walgahuu danda'an fi bakkeewwan Oromoon haala adda addaatin itti ayyaaneffatuudha.

## 5.2. Argannoo

Qorannoon kun mataduree "Qaaccessa Haala Adeemsa Raawwii Abaarsaa: Oromoo Siikoo-Mandoo kan Godina Baalee Aanaa Goobbaa" jedhurrati kan gaggeeffame yoo ta'u, gaaffilee bu'uuraafi kaayyoo qorannichaa walqabsiisuun, odeeffannoon meeshaalee funaansa ragaa: daawwannaafi af-gaaffiin walitti qabamani. Ragaaleen argaman kunniinis mala qaaccessa raga qulqulleeffataatiin xiinxalamee hiikamee taa'eera.Argannoon qorannaa kanaan bira ga'ames haala itti aanuun adda ba'era.

- Hawaasa Oromoo aanaa Gobbaa keessatti dhimmoonni abaarsisan: ragaan hinjiruun waliigaltee diiguu, hanna, qabeenya namaabarbadeessuu, reebicha dhoksaa, fa'i. Isaanis haala adeemsa raawwii abaarsaa eeggatanii kan abaaraman ta'uun irra ga'ameera.
- Haalli dhiyeenya abaarsaas dhimma abaarsi irratti geggeeffamu abbaan dhimmaa ibsachuun haala geggeessaan sirnichaa jedhuun akkeessuun abaarrata. Unkaan abaarsi kun ittiin mullatus walaloofi hololoon walmakee dhiyaata. Akkasumas qaamni raawwachiisu kun muuxannoodhuma qabuun waan dubbatuuf irra deddeebiin jechootaallee niheddummata.
- Abaaruun yeroofi iddoo adda ba□e qabaachuu qorataan adda baaseera. Haaluma kanaan yeroon abaarsaaf eeyyamamu: ganama afaan buleen ta'ee, guyyoota torbanii keessaa ammoo: Kibxata, Kamisa, Sanbata Xiqqaafi Dilbata. Akkasumas guyyoota ayyaanni waggaa jiru: guyyaa ibsaafi addaamootti qaamni seerichi eeyyameef niabaarrata. Iddoon itti abaaruun danda'amus bakka siidaa yokaan bakka geessisaa kan salgeen irratti

kadhatee waggaa waggaatti korma irratti qalu, kan achitti kadhatame hundi akka raawwatamu kan irratti waliigalamedha.

## 5.3. Yaboo

Rakkoolee ragaalee keesatti xiinxalamaniifi argannoowwan gaaffilee qorannoorratti hunda'uun adda bahan xiiyyeeffannoo keessa galchuudhaan yaboon armaan gadii kaa'ameera.

- Hawaasni Oromoo dhimmoota safuu haawaasaafi seera biyyattii cabsan irratti ciminaan hojjetee duudhaa gaarii dhalootaaf dabarsaa waan jiruuf dhimmaamtoonni hunduu kaneen akka abbootii seeraa, hoogantoonni, abbootin gadaa fi kkf gumaacha barbaachisa ta'e taasisuu qabu.
- Qaamoleen addaddaa biiroleen akka Aadaafi Turiizimii akkasumas Biiroon barnnootaa mataduree dhimma hojiilee isaanii walqabachiisuun dudhaalee hawaasaa abaarsi keessatti mul'atu, jiloota hawaasaafi hafeewwan abaarsaa sadarkaa jechaafi jechaa olii irrati qindaa'uun qooratanii barreeffamanii tursiisuu qabu.
- Yeroo tokko tokko namoonni seeratti hirkatanii raawwanaaleefi ta'insoota haqarraa fagaate heddu waan raawwataniif qaamni seeraafi geggeessitootni waliin ta'uun hojjatani aadaa abaarsaa kunuunsuufi cimsuun dhugaatiksiifi rakkoolee biyyaa furuu qabu.
- Hawaasni Oromoo afoola mata ofii fayyadamuun aadaalee, beekumsa, falaasama, amantii fi raawwiwwan gara garaa walii dabarsaa har'a gahee jira. Akkuma kana dhaloonni ammaatillee afoola hawaasa isaa kana haala qinda'aa ta'een teechisuun dhaloota itti aanuf dabarsuun isaanirraa eeggama.
- Wa'een adeemsa raawwii abaarsa akka qaama afoola tokkootti gadi fageenyaan qorachuu waan barbaachisuuf namoonni fedhii qaban mata duree kanarratti yookin mata dure kanaan walqabatu irratti haala gadi faggeenya qabuun qorannoo gaggeessanii gaarii ta'a.

## 5.4. Gudunfaa

Akkuma waliigalaatti qorannoo mataduree "Haala Adeemsa Raawwii Abaarsaa: Oromoo Siikoo-Mandoo kan Godina Baalee Aanaa Goobbaa" jedhu kanarratti gaggeeffamerra hubachuun danda'ametti hawaasni Oromoo duudhaalee hanga ammaatti ifatti hin beekamne qabaachuu isaati. Keessa'uu dhimma adeemsa raawwii abaarsaa jedhameen walqabate wantoonni baayyeen osoo hinbeekamin hafanii jiran qorannoo gadi fageenya qabaniin irra gahamuun haala

qindoomina qabuun dhalootaf dabrsuun hawaasicha kan aadaa, seenaa, falaasama fi beekumsa isaatti boonu taasisa.

## WABIILEE


Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Akkamtaa: Qorannoo Hujoo Oromoo.* Finfinnee: efficient printing press.

Den, Ben Amos. (1975). Towards the Definition of Folklore in Context, Reading in American Folklore. South Asian publisher std. New pelhi.

Bascom, Willium R. (1965). Four Function of Folklore. In Alen Dundes The Study of Folklore. Englwood Cliffs, N.J.

Berhanu Mathews. (2009). Fundamental of Literature: Addis Ababa:Alpha Printers PLC.

Brunvand Methewos. (1979). Reading in American Folklore: New York: NewYork University Press.

Bukenya, A. (1994). Understanding Oral Literature. Nairobi:Nairobi Unversity Press.

Cerulli, E. (1922). The folk-Literature of the [Oromo] of Southern Abyssinia, inHarvard African Stadies.

Cotter, George. (1992). Prover and sayings of Oromo people of Ethiopia and Kenya with English Translation: African Studies. Vol.25: Edwin Mellen Press.

Sumner, Cloud. (1996). Oromo Wisdom literature: Proverbs, Songs, Folktales: An Anthology of Oromo literarure. Addis Ababa: Guddina TumsaFoundation.

Dastaa Dassaalany. (2013). Bu'uura Qorannoo. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Dundes, Alan. (1965).The Study of Foklore. Berkeley: prentice-Hall, Inc.

Eebbisaa Baay'isaa.(2015).Miiltoo.Kitaaba jireenya Namaa Jijjiiru.Finfinnee: ELLEN P.P.PLC

Fedhasaa Taaddasaa. (2013). Subii: Bu'uuraalee Ogbarruu Oromoo. Finfinnee: Mana Maxxansaa Subii.

Finnegan, Ruth. (1970). Oral Literature in Africa.Oxford:OxforClaridon.press.

Kerbo, H. (1989). Sociology.Social Structure and Social conflict. New York: McMillan Campany.

Kothar, C.R. (2004). Research Methodology: Methods &Thechniques.(revised second ed.) New Age International (p) limited, puplisher.

Kumar, R. (2005). Research Methodology. London: Thousand Oaks calf.

"Kuusaa Yaadannoo Mammaaksota Oromoo: Aanaa Qarsaa Maallimaafi Naannoosheerraa," Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Qarsaa Maallimaa (Kan hinmaxxanfamiin).2007.

Malkaamuu Margoo.(2007). “Dubartoota Mammaaksa Oromoo Keessatti: Qacceessa Qabiyyee” MA Thesis Yuunvarsiitii Addis Ababa. (Kan hinmaxxanfamiin).

Meider, Wolfgang. (1997). The Poloties of Proverbs: Form traditional Wisdom to Proverbal Stress Types. The University of Misconsin press.

Misgaanuu Gulummaa.(2011). Dilbii: Bu’uura Afoola, Ogafaaniifi Walaloo Oromoo. Finfinnee: Oromiyaa.

Misgaanuu Gulummaa. (2012).Yandoo.Ogummaafi Ogwalal Oromoo.Finfinnee: Oromiyaa.

Melakne Mangistu.(2003). Fandamentals of Literatures (2nd ed.) . Addis Ababa PE.

Nagarii Leencoo. (1993). Wiirtuu (Jii.6) Barruulee Qormaata Waltina Afaan Oromoo. Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa.

Richard, Dorson. (1972). Folklore and Folklife. An Introduction. Chicago and London : The Chicago Unversity press.

Sahilu Kidane. (1986). (Borana Oromo Pross Narrativess Acontextual Study): Addis Ababa; MA Thesis Inistitute of Language studies. (Unpublished).

Samu’el Adola.(1996). “Some Oromo Proverbs,” Addis Ababa University,BA Thesis (Unpuplished).

Schipper, Minecke. (2000). Research in African Literatures. Indiana University Press.

# DABALEEWWAN

## Dabalee A: GAAFFILEE AF-GAAFFII

A. Odeeffannoo Dhuunfaa

Maqaa__________________________Saala: Dhiira____ Dubara: ____Umurii_____

Sadarkaa Barnootaa_________Ganda_________Guyyaa_____________

B. Af-gaaffii Qophaa□e

1. Adeemsa raawwii abaarsaa keessatti dhimmoonni abaarsisan maalfa'i?

2. Adeemsa raawwii abaarsaa keessatti jechoonni abaarsaaf qindaa□an bifa kamiin mullatu? Walaloo moo? Hololoodha? Fakkeenya kenni.

3. Adeemsa raawwii abaarsaa keessatti yeroofi iddoon abaarsi itti geggeeffamu beekamaadhaa?

4. Adeemsa raawwii abaarsaa keessatti meeshaalee abaarsi ittiin raawwatamu ibsi.

5. Jiruufi Jireenya hawaasaa keessatti faayidaan abaarsi qabu jiraa? Yoo jiraate ibsi.

## DABALEE B: GAAFFII MARII GAREE

1. Adeemsa raawwii abaarsaa keessatti dhimmoonni abaarsisan maalfa'i?

2. Adeemsa raawwii abaarsaa keessatti jechoonni abaarsaaf qindaa□an bifa kamiin mullatu? Walaloo moo? Hololoodha? Fakkeenya kenni.

3. Adeemsa raawwii abaarsaa keessatti yeroofi iddoon abaarsi itti geggeeffamu beekamaadhaa?

4. Adeemsa raawwii abaarsaa keessatti meeshaalee abaarsi ittiin raawwatamu ibsi.

5. Jiruufi Jireenya hawaasaa keessatti faayidaan abaarsi qabu jiraa? Yoo jiraate ibsi.

# DABALEE C: OD-HIMTOOTA

| TL | MAQAA | BAKKA ODEEFFANNOO ITTI KENNAN | GUYYAA |
|---|---|---|---|
| 1 | Magarsaa Goobanaa | Af-gaaffii | 17/08/2012 |
| 2 | Shaafii A/Qaadir | Af-gaaffii | 17/08/2012 |
| 3 | Taajuu Kadiir | Marii garee | 18/08/2012 |
| 4 | Sanbatoo Waaqee | Marii garee | 18/08/2012 |
| 5 | Kaadii Galatoo | Marii garee | 18/08/2012 |
| 6 | Bayyanaa Maabraatuu | Af-gaaffii | 17/08/2012 |
| 7 | Taayyee Iddoosaa | Af-gaaffii | 17/08/2012 |
| 8 | Buttaa Galatoo | Marii garee | 18/08/2012 |
| 9 | Kadiir Daanoo | Marii garee | 18/08/2012 |
| 10 | Waaqtolaa Dastaa | Af-gaaffii | 17/08/2012 |